



## Sudaan Kibbaa inisheetiivii hidha Abbayyaa mallatteessuun injifannoo dippilomaasii Itoophiyaa kan agarsiisuudha




### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Biyyoota minseensa hidha laga Abbayyaa ta'an keessaa Sudaan Kibbaa inisheetiivii hidha Abbayyaa mallatteessuun injifannoo dippilomaasii Itoophiyaa kan agarsiisuudha jechuun ambaasaaddar Diinaa Muftii ibsan. Hojiin dippilomaasii bara 2016 milkaa'aa ta'uus ibsaniiru.

Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatti miseensi Koree Dhaabbii Dhimmoota Alaafi Nageenyaa Ambaasaaddar Diinaa Muftii Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, biyyoota miseensa hidha laga Abbayyaa keessaa Sudaan Kibbaa inisheetiivii hidha laga Abbayyaa mallatteessuun bu'aa injifannoo imaammata haajaa alaa Itoophiyaati. Mallattichi afaan warra hojii dippilomaasii Itoophiyaa xureessuuf olola hintaane kan cufe ta'uu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, imaammaati haajaa alaa Itoophiyaa karaa nagaa walittidhufeenya biyyoota ollaa waliin qabdu cimsuun bu'aa waloo mirkaneessuurratti kan xiyyeeffateedha. 'BRICS', biyyoota Afirikaa, biyyoota dhiyaa, Laatiin Ameerikaa, Eeshiyaafi Awurooppaa waliin hariiroo dinagdee, nageenyaafi ce'umsa teknolojiin uumuuf hojii hojjetame akka fakkeenyaatti

Gara fuula 14tti



### "Gargaarsaan jiraachuun gama hundaanuu Itoophiyaa hinmadaalu"

- Luba Doktor Tolasaa Guddinaa

### Natsaannat Taaddasaatiin

**Finfinnee:** Itoophiyaan gargaaramtummaa jalaa baatee akka dinagdeedhaan of dandeessu gochuuf hojiin omishaafi omishtummaa gonna biyyattii guddisuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jiru cimee ittifufuu qaba jedhu Luba Doktor Tolasaa Guddinaa.

Lubni kun gaafdeebii dheengadda Dhaabbata Piresii Itoophiyaa waliin Finfinneetti taasisaniin akka jedhanitti, biyya magariisa waan hundaan badhaateefi

Gara fuula 14tti

## Naannoon Amaaraa Finxaaleyyii Faannoof waamicha nageenyaa taasise

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Gaaga'ama dinagdeefi hawaasummaa mudachaa jiru hambisuuf Finxaaleyyii Fannoo rakkoo nageenyaa uumaa jiraniif waamicha nageenyaa dhiyeessuu Mootummaan Naannichaa beeksise.

Hogganaan Biiroo Koominikeeshinii Naannoo Amaaraa Doktor Mangashaa Fantaawu Roobii darbe Gaazexaa Bariisaatiif akka ibsanitti, waamichi nageenyaa yeroowwan garagaraa taasifamus kan ammaa kun konfiraansii nageenyaa tibbana taasifamaa jirurratti hawaasni nageenyi akka bu'uuf cimsee gaafachuu hordofeeti. Kana malees, waamichi marii nageenyaa pirezidaantii mootummaa naannichaafi mana maree naannichaan finxaaleyyii Faannoof taasifameera.

Gara fuula 14tti

## Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Ispoortii Daraartuu Tulluu, Sulultatti

### Tashoomaa Qadiidaatiin

Inistiitiyuutiin Leenjiifi Qorannoo Ispoortii Daraartuu Tulluu Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Sulultaatti qarshii biiliyoona 1.5n ijaarame dheengadda bakka Obbo Shimallis Abdiisaafi Afyaa'iin Caffee Oromiyaa Aadde Sa'aadaa Abdurraahmaan, hoggantoonni olaanaan Mootummaa Naannoo Oromiyaafi Bulchiinsa

Magaalaa Shaggar argamanitti eebbifamuun tajaajilaaf banaa ta'eera.

Inistiitiyuutiin qarshii biiliyoona 1.5 lafa hektaara 19 irratti ijaarame kun gamoowwan tajaajila gara garaaf oolan 40 ol kan qabuufi altokkotti leenjitoota 800 ol keessummeessuu kan danda'u ta'uun sirna eebbichaarratti ibsameera.

Gara fuula 14tti





# ODUU

## Godinichatti callaa kuntaala miliyoona 33 ol argachuuf karoorfame

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Godina Jimmaatti bara omishaa 2016/2017 lafa hektaara kuma 856fi 630 sanyiiwwan midhaan garagaraatiin uwwisuun callaa kuntaala miliyoona 33 ol argachuuf kan karoorfamu ta'uu waajjirri qonna godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaa Ittaanaan waajjirichaa Obbo Awwal Kaliil ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, godinichi omisha midhaan hundaaf kan mijatu haala qilleensaa gaarii qaba.

Kanaan dura waggaatti lafa hektaara kuma 500 hincaalletu misoomaa ture, baroota dhihoo booda garuu haala mijataa uumamaa jirurratti teknolojiifi hojmaata mijataa diriirsuun hojjechuun omishaafi omishtummaan qonnaa godinichatti yerodhaa gara yerootti dabalaa jira.

Lafti kanaan dura sanyiin midhaanii irra faca'ee hinbeekne hedduunis qorannootti fayyadamuun gara misoomaatti akka galu taasifamaa jira. Keessattuu lafti bishaan



Obbo Awwal Kaliil

itti baay'atu midhaan akaakuu birootif mijataa kan hinturre ruuziin akka misoomu taasifameera.

Lafa bishaan itti baay'atu akka carraa gaariitti fayyadamuun karoora inisheetivii ruuzii milkeessuun danda'ameera kan

jedhan Obbo Awwal, lafa hektaara kuma 346 sanyii midhaan ruuziitiin uwwifamuu dubbataniiru. Ejjennoo, "Qonna keenya kilaastaratti deebisuu qabna" jedhu qabachuun lafti irra jireessi kilaastaraan kan misoomedha jedhan.

Gama makaanaayizeeshiniitinis hojii boonsaan hojjetamaa jiraachuu himanii: godinichatti tiraaktarri 1400 hojiirra jira jedhaniiru. Haaluma walfakkaatuun sassaabbiin omishaas kombaayinaraan kan gageeffamu ta'a.

Omishtummaa qonnaatiif dhiyeessiin sanyii filatamaa murteessaadha kan jedhan Obbo Awwal, godinichi ofiisaatiin ofdanda'uu bira darbee godinoota biroo hedduuf sanyii filatamaa dhiyessuun omishtummaa qonnaa dabaluu ittigaafatamummaa biyyaa bahachaa jiraachu eeraniiru.

Haaluma walfakkaatuun karoora bara omishichaa galmaan gahuuf godinichi xaa'oo keemikaalaa kuntaala kuma 797 qonnaan bulaaf raabseera. Kanaan alattis xaa'oon uumamaa bal'inaan akka qopheeffamu taasifameera jedhan.



Aade Adaanach Abeeb

## Misoomni koriidarii miidhagina magaalaarra darbee madda carraa hojii ta'aa jira

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinneen miidhaginaafi boca amma gonfatteen misooma maqaashee gitu argachuu bira darbee magaala lammataa yoo jedhamte dubbii arbeessuu hinta'u.

Ummatni magaalatti irra jireessaan manneen dulloomoo ganni dhufuu isaan yaadessuufi mana fincaanii hinqabne keessaa jireenya gadadoo dabarsaa tureera. Haalli balfi itti to'atamuufi hanqinni bakka itti gatamurraa kan ka'e ummatni keessoo magaalatti funyaan qabatee deemuuf dirqamaa ture.

Misoomni koriidarii Finfinnee miidhagina addaa gonfachu cinaatti namoota kuma 50 ta'ani carraan hojii uumamuu Kantiibaana Magaalatti Aade Adaanach Abeeb waltajjii raawwii hojii bara 2016fi karoora bara 2017 Mana Maree Magaalatti Roobii darbe taa'amerratti ibsaniiru. Bara bajataa 216tti akka waliigalaatti namoota kuma 291.57f carraan hojii dhaabbataa akka uumames eeraniiru.

Misoomni koriidarii barana hojjetameen daandii konkolaataa kiiloo meetira 48 ol, daandii lafoo kiilomeetira 96, daandii bishikileeti kiiloo meetira 100, daandii lafa jalaa, daandii fiigichaa kiiloo meetira shan, riqichoota konkolaataan irra ce'u lama, riqichaa ammayyawa lafoon irra ce'u sadii, paarkiiwwan dhaabbii konkolaataa si'a tokkotti konkolaattota kuma jahaafi 369 keessummeessan, tarminaalota taaksiifi baasii sagal kan si'a tokkotti konkolaataa 517 keessummeessan, buufata daandii qarqaraa 85 si'a tokkotti baasiifi taaksii 268 yeroo gabaabaa keessatti feesisuufi buusisuu dandeessisan, fincaa'aa bishaanii 32 bashannanaaf oolan, lafa magariisaa lafa hektaara 20 ol, laggeen saddeetti haala qinda'aan misoomsuun danda'ameera.

Misoomni koriidarii kun manneen fincaanii 120 sadarkaasaanii eeggatan, walumaagalatti bu'uraalee misoomaa daran ammayyaawoo teknolojiin deggerama, bakkeewwan bashannanaafi magariisaa hedduu of keessatti kan hammate ta'uusaan jiruufi jireenya ummata magaalattiif daran mijattuu taasiseera. Finfinneen ibsawwan daandii gubbaa akka malee miidhaganiifi ifa guddaa baasaniin faayamuun halkanii guyyaa sadarkaa adda baasuun rakkisaa ta'etti misoomtee jirti.

Waan Finfinneen haalaan misoomaa jirtuuf nama magaalatti keessatti dhalatee yookaan guddate bakka biroo turee deebi'u mitii, namni ammaan tana keessa jiraatuyyuu kutaa magaala tokko isa birorraa adda baasee hubachuun rakkisaadha. Magaalattiitti bara bajataa kana galii qarshii biliyoona 146.84 sassaabame keessaa qarshii biliyoona 59.73 tuuristoota biyya alaarraa argamuu Aade Adaanach ibsaniiru.

## Bakka miidiyaaleen dhugaa hinjirretti tuullaan dharaa biyya diiga

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Rakkoolee walxaxoo waggoota shanan darban mudatan keessatti namoota hedduuf har'i Itoophiyaa biyya diigamtutti raagamaa ture. Ulfaatinni rakkinichaa anga'oota siyaasaa qofa osoo hintaane miidiyaalee ummataa hedduu abdi kutannaa keessatti darbateera.

Miidiyaaleefi hoggansi muraasni rakkoo yeroo osoo hinta'in dhugaafi mul'ata egereetti cichuun biyya diigumsarraa baraaruu qofa osoo hintaane guddina rogawwan maraa galmeessuun warra burjaajii keessatti kufan dammaqsuu danda'aniiru. Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad tibba darbe miidiyaalee muraasa dhugaatti cichuun jijjiirama eegalame tarkaanfachiisaniif beekamtii kennaniiru.

Dhimma kana ilaalchisee Gaazexaan Bariisaa Roobii darbe Ministir De'eetaa Tajaajilaa Kominikeeshinii Mootummaa Federaalaa Obbo Kabbadaa Deessisaafi Hayyuu Miidiyaafi Miscensa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa Obbo Mahaammad Ahmad (Qophee) waliin turtii taasiseera.

Akka Obbo Kabbadaan jedhanitti, biyya jijjiirama keessa jirtu diigumsaafis ta'e ce'umsatti dhiyoo waan jirtuuf miidiyaaleen ergama diigumsaa fudhachuun rakkoolee jijjiiramaan walqabatan akka malee dhaadhessuun ummata keessatti abdi kutannaa facaasaa turan lakkoofsa hin qaban.

Inumaayyuu miidiyaaleefi ogeessotni miidiyaalee seeraafi naamusa gaazexeessummaa moggaatti dhiisuun olola dharaan walitti ummattoota gidduutti bu'iinsaafi walshakkii uumamee biyyattiin akka diigamtuuf mudhii hidhatanii hojjetaa turanis jiru.

Haa ta'u malee, miidiyaaleen muraasni garuu osuma ololli jibbaafi dharaa isaaniratti iyyuu oofamuu rakkoo mudateefi imala jijjiirama olbaasuufi gad buusuu tokko



Obbo Kabbadaa Deessisa

malee madaalliisaa eeguun dhugaa lafa jiru gabaasaa turuu yaadachiisani; haaluma kanaan miidiyaaleen 11 kanneen seeraafi naamusa gaazexeessummaa eeguun walitti dhufeenya sabaafi sablamootaa cimsuu, misooma biyyaa mul'isuu, nageenya buusuufi dantaa biyyaa kabachiisuurratti, keessattuu waggoota lamaan darban hojjetaa turan Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmadiin beekamtiin kennamuufi ibsaniiru.

Miidiyaan walitti dhufeenya cimsuu, nageenya waareessuu, maqaa gaarii biyyi qabdu addunyaatti mul'isuun hawwata turizimii babal'isuu keessatti shoora guddaa qabaachuu himanii; faallaa kanaa olola jibbaafi shakkii facaasuun biyya diiguufis meeshaa humna qabu ta'uu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, miidiyaalee beekamtiin kennameef kunneen dhiibbaa keessatti hojii haqa qabeessa isaan hojjetan bira qabiinsaana ilaalameeti malee hanqinaalee hin qaban jechuu miti. Itoophiyaa keessatti gaazexeessaan dirqama ogummaasaaf hidhame hinjiru. Beekamtiin eegalames afdaneessummaa bu'uureffatee kan ittifufu ta'a.

Obbo Mahaammad Ahmad gamasaaniin



Obbo Mahaammad Ahmad (Qophee)

akka jedhanitti, jijjiiramni dhufe dagaagina miidiyaaf carraa bal'aa uumus, miidiyaaleen qooda nageenya, tokkummaafi obbolummaa jajjabeessuu, jibbaafi diigumsa walaleessuun rakkoo hamaa uumaa turaniiru. Kaayyoon miidiyaalee odeeffannoo haqaafi madaalawaan barsiisuu, hubachiisuufi bashannansiisuu osoo ta'ee jiruu gochoota diigumsaa bal'inaan calaqqisiisaa turaniiru.

Hojii ogummaa hojjetaniif beekamtiin miidiyaalee muraasaaf kenname, miidiyaalee dirqama ogummaafi lammummaa ba'ataa jiran caalaatti onnachiisa, warra daandii gadi lakkisan ammoo gara daandiitti deebisa jedhanii; Itoophiyaa biyya qormaataaf hinjilbeeffanneefi daandii jijjiiramaarra saffisaan imalaa jirtu ta'uunshee beekani hubachiisuun dirqama ogummaasaanii ta'uu dhaamaniiru.

Beekamtiin miidiyaaf haala kanaan kennamuunsaa seenaa biyyattii keessatti isa jalqabaa ta'uu himanii; miidiyaaleen dhugaa lafa jiru riqicha godhachuun dantaa biyyaafi ummataaf waardiyyaa ta'uurratti miira dorgommiin hojjechuun barbaachisaa ta'uus hubachiisaniiru.



# ODUU

## “Dargaggootni qormaata keessa darbuun biyya ceesisuuf ga’eesaanii ba’uu qabu”

- Dargaggoota Wallagga Lixaa

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Dargaggootni qormaata keessa darbuudhaan biyya ceesisuuf ga’eesaaniiirraa eegamu ba’uu qabu jechuun dargaggootni Wallagga Lixaa ibsan. Nageenya godinasaaniitti fooyya’aa jiruuf gumaachi dargaggoota godinichaa olaanaa ta’uus ibsaniiru.

Godinichatti Aanaa Ayiraarraa Shamarree Liyaa Geetaachoo yaada Gaazexaa Bariisaaf torbee darbe kenniteen mootummaa jijjiiramaa qormata keessatti hundeeffame keessa waan jirruuf dargaggootni qormaataaf utuu hinjilbeenfatin biyya ceesisuuf ga’eesaanii ba’uu qabu jetti. Nageenyi godinasaaniitti argamaa jiru bu’aa hirmaannaa dargaggoota godinichaa ta’uus ibsiteetti.

Akka ibsasheetti dargaggootni anniisaa jijjiiramaafi egeree biyyaa waan ta’aniif biyya ceesisuuf keessatti hirmaannaansaani murteessaadha. Dargaggootni aanichaa nageenya naannawaasaani mirkaneessuudhaan misooma ittifufsiisuuf hojiiwwan bal’aa hojjechaa jiru.



Shamarree Liyaa Geetaachoo

Hirmaannaa dargaggooti aanichaa hanga ammaatti taasisaniin rakkoon nageenyaa duraan ture fooyya’aa jira.

Inisheetiviwwan garagaraa keessumaa horsiisa lukkuu, kanniisaafi omisha ruuziiratti hirmaachuun carraa hojii uumameeffitti fayyadamuudhaan ofiisaaniis fayyadamanii biyyasaaniis fayyadaa jiru.

Waldhabdeen mariin akka furamu ga’een



Dargaggoo Tasfaa Mokonnin

dargaggootaa olaanaa ta’uu kan eerte Shamarree Liidiyaan; kanaafis adeemsa marii biyyaalessaa akka aanaa Ayiraatti gaggeeffamurratti hirmaachuudhaan ga’ee irraa eegamu ba’aa jiru jetti.

Dargaggoo Tasfaa Mokonnin Aanaa Boojjii Coqorsaarraa akka jedhetti, misoomaafi nageenya mirkaneessuuf dargaggootni aanichaa utuu qormaata jiruuf hinjilbeenfatiin ga’ee irraa eegamu

ba’aa jiru. Saganataan ashaaraa magariisaa Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmadiin kallattiin kenname hirmaannaa dargaggootaatiin dhugoomera.

Bu’aa ashaaraa magariisaarraa argameen dargaggootni aanichaa horsiisa kanniisaarratti gurmaa’uudhaan damma omishanii bu’aa argachaa jiru. Biqiltuun dhaabbatanis dhiqama biyyee hambisuudhaan dhagagga’ummaan biyyee akka hinbanne taasisuudhaan omishaafi omishtummaan akka dabaluu taasisaa jiraachuus himee; inisheetiviwwan qonnaa mootummaan gadbu’an hirmaannaa dargaggootaan hojiitti jijjiiruudhaan carraa hojii uumuudhaan fayyadamoo taasisaa jira jedha.

Dargaggootni gaachana sirmaatti ijaaramuudhaan sochii qaamolee nageenyaa waliin qindoomuun taasifameen nageenyi aanichaa fooyya’aa jiraachuus himee; waldhabdeen mariin akka furamuuf marii biyyaalessaa sadarkaa biyyaalessaatti gaggeeffamaa jiru keessatti hirmaachuudhaan gumaacha irraa eegamu ba’aa jiraachuus eereera.



Pirofeesar Masfin Arayaa

### “Qaamoleen lola hidhannoo adeemsisan deebii kennuu dhabuun komishinichatti danqaa ta’eera”

- Komishinii Marii Biyyaalessaa

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Marii biyyaalessaa hundaa hirmaachise taasisuuf waamicha qaamolee hidhataniif dhiyeesseraa hanga ammaatti deebii dhabuun danqaa itti ta’uu Komishiniin Marii Biyyaalessaa ibse. Torbee ittaanutti naannolee sadiifi bulchiinsa magaalaa tokkotti ajandaa marii walitti qabuun akka eegalu ibsameera.

Komishinari olaanaa komishinichaa Pirofeesar Masfin Arayaa sagantaa ajandaa walitti qabuu naannolee ilaalchisuun ibsa Roobii darbe gaazexeessitootaaf kennaniin akka jedhanitti, qaamoleen hidhatootaa waamicha Koomishinichi dhiyeesseef deebiin waan hin kennamneef haala nageenyasaani (‘save pass’) komishinichi mootummaa waliin haasa’uuf yaadetti danqaa uumeera.

Akka ibsa isaaniitti, waggoota lamaan darbanitti hojii ajandaa marii biyyaalessaa

Gara fuula 15tti

## “Lafa keenya qofa miti mukti keenyas eebba baata”

- Obbo Abarraa Kuraatuu

### Waasihun Takileetiin

**Baalee:** Sagantaa Maaddii Guutuu mootumman jijjiiramaa kaa’e hordofuun godinichatti laftis muktis misoomaaf akka oolu leenjiin ogeessaan deeggarame kennamaa tureera.

Bu’uuruma kanaan jiraataa Godina Baalee Aanaa Gobbaa Ganda Alloosheexilloo kan ta’an Obbo Abarraa Kuraatuu mooraasaani keessatti lafaafi muka qabanirratti damma misoomsuun fayyadamaa jiraachuus kaasu.

Haala qilleensa gaariifi lafa misooma gara garaaf mijataa ta’e osoo qabaniin rakkachuun sirrii waan hintaaneeff leenjiin ogeessa qonnaan yeroorraa yerootti kennamaafii turuu kan kaasan obbo Abarraan; qonna gaggeessan cinatti mooraasaani keessatti misooma dammaa eegalu dubbataniiru.

Ibsa addatti Gaazexaa Bariisaaf kennaniin aadaan lafa xiqorratti misooma gara garaa hojjetanii fayyadamuu kanaan dura ture lafaa ta’us, ammaan tana xiyyeeffannoo kennameen bu’aa olaanaa argamaa jiraachuus dubbatu.

Haaluma kanaan mooraasaani keessatti lafaafi mukarratti misooma dammaa eegaluun fayyadamaa jiraachuus dubbatu. Abbaa maatii 12 kan ta’an Obbo Abarraan, lafaafi mukarratti gaagura aadaafi ce’umsaa 60 ol akka qaban dubbatu.

Waggaatti yeroo lama damma kana baasuun ilmaansaani barsiisaa, ofiis kan itti jiraataa jiran yoo ta’u, barnoonni maaddii guutuu ogeessa misooma qonnaan isaaniif kennamea ture jireenyasaaniirratti jijjiirama fiduu kaasaniiiru.

Mootummaan barumsa gahaafi leenjii qonnaan bultootaaf karaa ogeessa qonnaa kennu osoo cimsee itti fufee dinagdeen qonnaan bulaa kan jijjiiramu akka ta’e yaadachiisaniiru.



Damma waggaatti yeroo lama gaagura ce’umsaafi aadaarraa murataniin haajaasaani kan itti bahatan Obbo Abarraan, xaa’oo bitachuuf, ilmaansaani barsiisuufi tajaajila garagaraaf isaan gargaaraa jiru ibsaniiru.

Misooma dammaan alatti dallaasaani keessatti horsiisa lukkuun, loon aannanii misoomsuun, sangaa furdisuun hiyyummaafi eeggattummaa jalaa bahuuf tattaafataa jiraachuus himu.

Mooraan Obbo Abarraa misooma dammaa gaagura ce’umsaafi aadaan, lukkuun, aannaniin sangaa furdisuun mukarratti ammoo gaagura aadaan kanniisa horsiisuun tarsiiimoo maaddii guutuu qabatamaan mirkaneessuun fayyadamaa kan jiran yoo ta’u, sochichi qonnaan bulaa qofa miti hojjetaan mootummaalee miira eeggattummaa miindaa keessaa akka bahu kan isa taasisu ta’uu dhaamaniiru.

Hojjetaan mootummaa ji’aan miindaa mootummaa taa’ee eeguura mooraa qabu keessatti misooma dammaa, lukkuu, sangaa furdisuufi horii aannaniirratti osoo bobba’ee eeggattummaa jalaa bahuun dinagdeesaa fooyyefachuu danda’as jedhaniiru.

Hojii mootummaatti rarra’uun ji’a lakkaa’uun waa xiqqaa argachuu yoo ta’een alatti jijjiiramni argamu quubsaa akka hintaanee himaniiru. Ijoolleesani keessaa hedduun hojii mootummaatti bobba’anii jiraachaa akka jiran kan himan Obbo Abarraan; ofirra darbanii ilmaansaani hojii mootummaarra jiraniif wabii ta’aa akka jiran dubbataniiru.

Hojiin mootummaa qofti jireenya namaa akka hinjijjiirre isaanirratti waan arganiif mooraasaani keessatti omisha dammaa, horsiisa lukkuu, kuduraafi mudura babal’ifachuun jijjiirama qabatamaa galmeessaniiru.

Sagantaan Maaddii Guutuu oyiruu xiqqoo qabanirratti misooma garaan of gahuu kan barsiisu waan ta’eef qonnaan bulaa alatti hojjetaan mootummaas osoo hojjetee jijjiirama jireenyisaani itti fooyya’udha jedhaniiru.

Mootummaan jijjiiramaa tarsiiimoo dinagdeen qonnaan bulaa fi hojjetaan mootummaa itti fooyya’u qabatee hojiitti seenuusaa akkuma maqaasaa jijjiiramni guddaafi jajjabeessaa ta’e kan itti mul’ataa jiru waan ta’eef cimsee itti fufuu akka qabus dhaamaniiru.



# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Adoolessa 13 Bara 2016

**“Inshuraansiin fayyaa  
babal’achuusaatiin yaaddoon mana  
yaalaa dhaqanii wal’aansa gahaa  
argachuu hir’ateera”**

- *Doktar Mangistuu Baqqalaa*

**fuula 12**



**“Baatuun gama hundaan  
imala badhaadhinaarratti  
argamti”**

- *Obbo Ahmaddiin Ismaa’il  
(Kantiibaa Magaalaa Baatuu)*

**fuula 6**



**“Mindeeffamee hojjechuu  
keessaa baheen warshaa  
guyyaatti kaalsii darzana  
400-500tti omishu banadhe”**

- *Shamarree Qaalkidaan Silashii*

**fuula 10**



## Barreeffamni kun walta’iinsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Inistitiyuutii Qorannoo Armaawar Hansan wajjin walta’uun torbanitti kan dhiyaatuudha

### Aharii: Abdii fayyaan lammiilee itti mirkanaa’u

#### Waasihun Takileetiin

Inistitiyuutiin Armawar Hansan umrii ganna 54 lakkoofsise damee qorannoofi qo’annoosaa cimsee itti fufuun dhibeelee fayyaa lammiilee qoran adda baasaa fala ittibarbaadaa wabiifi aantummaa lammiileesaaf qabu qabatamaan agarsiisaa jira.

Hojii gama kanaan hojjetu si’eessuufi ammayyeessuufis aadaa ammayyeessuun saayinsiin qindeessuun miira hindanda’amuufi eeggattummaa gara bakkee nama ilaalchisu maqsuuf kutannoon hojjetaa tureera. Tokko jedhee kenniinsa tajaajila yaala fayyaa dhibee Juuzamiirratti kan jalqabe Ahariin ammaan kana dhibeelee kan akka ‘TB’, Busaa, Kaansarii, ‘HIV’, kalaqa meeshaalee yaala fayyaa qorichoota aadaa saayinsiin deeggaruun tajaajilaaf oolchuu dhibeewwaniifi amaloota isaaniirratti qorannaa gaggeessuu hojiisaa godhachuun bu’aa cululuqaa galmeessisaa jira.

Bu’aan kun dhamaateefi kutannaa bara dheeraa ta’uu Daarektarii Olaanaa Inistitiyuutii Armawar Hansan Pirofeesar Afawarqi Kaasuu nidubbatu.

Inistitiyuutichi sochii qorannoofi qo’annoo gaggeessaa jiruun bu’aa guddaa busaa jiraachuu kan kaasan daariktarichi, ammaan kana hirkattummaa jalaa bahee of danda’uun barattoota simatee leenjisee gahoomsuun hojiitti bobbaasuun haala gaariirra jiraachuusaatiif agarsiistuu guddaadha.

Imaammata ‘dhibee ofii hayyoota ofiin’ jedhu qabatee ka’uun barattoota biyya keessaafi alaa simatee leenjisuunsaa miira nidand’amaa qabatee ka’e hojiitti hiikaa jiraachuusaatiif agarsiistuu guddaadha.

Har’a Aharii keessa hayyoonni qaalii ta’an keessumaa qorannoo rakkoo hiikuu danda’u gaggeessuurratti kanneen muuxannoo guddaa qaban horatamaniiru.

Sochiisaan taasisaa jiran kana jajjabeessuufis yeroorraa yerootti bu’aa hojiisaanii madaalaa ija saayinsiin dorgomsiisaa badhaasaa jirra kan jedhan Pirofeesarichi kaka’umsi hojii qorannoo bu’aa buusu hojjechuufi galmeessisuu dachaan dabalaa jira.

Aharii keessatti waraqaaleen qorannoo fayyaarratti hojjetaman sadarkaa addunyaatti fudhatama kan argatan

hedduun barruulee beekamoo addunyaarra qubsiifamaniiru.

Kun mataansaa injifannoo guddaa yoo ta’u ammas kanaa ol hojjechuun rakkoo fayyaa hawaasaaf furmaata ta’uuf humna guutuun hojjetamaa jira.

Har’a Ahariin dhibeewwan garagaraa qorachuuf meeshaalee yaala fayyaa teknolojiin deeggaraman kalaquun baasii humnaa olii bittaa meeshaalee kanneeniif oolu baraaraa jira. Kalaqni fayyadamuu qofa miti sharafa alaa argamsiisuun dinagdee biyyaa utubuu keessattis bu’aan akka argamuuf ciminaan hojjetamaa jira.

Hojii kanaan dura gama kanaan hojjetameen bu’aan galmaa’aa jiru tole kan nama jechisiisu yoo ta’u, Ahariin manii qabatee ka’e galmaan gahuuf adeemsa gaariirra jiraachuusaatiif agarsiistuu guddaadha.

Yeroo ammaattis dhibeen busaa daran hammaachuun walqabatee rakkoon fayyaa heddummaachaa akka jiru erga irra gahamee Ahariin dirqama kennameef bahachuuf qorannaa gadi fagoo gaggeesseen dhibeen busaa akka tatamsa’uuf sababa kan ta’e bookee busaa haaraa Anoofiles Isteefensiyyaa jedhamtuun

babal’ataa jiraachuu irra gaheera.

Bookeen busaa kun jalqaba naannoo Sumaaleetti akka argamte duubarra magaalota Itoophiyaa gara garaarratti babal’achuun rakkoo fayyaa hawaasaa ta’aa jiraachuun irra gahameera.

Kanaafis fala kaa’uuf hojii hojjetameen bookeen busaa kun osoo sadarkaa laarvaarra jirtuu keemikaala itti buufuun yoo balleessan malee erga gara hanqaaquufi gaheessatti guddatee kan hinduune ta’uu qorannaa Ahariitiin irra gahameera.

Keemikaalli itti biifamu mataansaa qorannoon deeggaramee akaakuuwwan gara garaa walittimakamee tajaajilaaf ooluu akka qabu taasifamuusaatiin hamma tokko hir’ataa jira.

Haata’u garuu qorannaan gama Bookee Busaa Anoofiles Isteefensiyyaa irratti tasifamu aammallee hojii cimaa kan gaafatudha. Ahariin fayyaa lammiileef wabii ta’ee dhaabbate qorannoofi qo’annoowwan gara garaa taasisuun ogeessa ofiin fayyadamee dhaloota omishawaa ta’e Inistitiyuutii kutannaan hojjechaa jiruudha.



# Ijoo Dubbii

## Mallattoo milkaa'ina qabsoo dippilomaasii Itoophiyaa dhugoomse

Lagni Naayil (Abbayyaan) biyyoota yaa'a bishaanii 11 qabaatus Misiriifi Sudaan hanga ammaatti waliigaltee yeroo kolani mallatteeffameen lagicha olaantummaan fayyadamuuf gaaffii kaasu. Waliigalteen Inteebee kun akka himmallatteeffanneefis dhiibbaa cimaa gochaa turan.

Haala ittifayyadama bishaanii haqaqabeessa hintaane kana mormuun yaadni waliigaltee walta'iinsa Itoophiyaa dabalatee biyyoota torbaan waggoota 14 dura mallatteeffameera. Keeniyaa waliigalticha mallatteessitus hanga ammaatti hinraggaasifne.

Dhimma kanarratti tibbaa oduun aagaa tokko gama Sudaan Kibbaarraa as qaari'eera; oduu misiraachoo biyyattiin waliigaltee walta'iinsa yaa'a Abbayyaa mallatteessuu. Waliigalteen murteessaafi waggoota dheeraaf eegamaa ture kun mallattaa'uun Itoophiyaafi ummatashiitiif injifannoo guddaadha.

Kana ilaalchisuunis Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) ergaa misiraachoo karaa fuula tiwiitariisaanii dabarsaniin, "Sudaan Kibbaa waliigalticha fudhattee raggaasisuunshii Itoophiyaafis ta'e biyyoota naannawaatiif faayidaa olaanaa qabaata. Milkaa'inni dippilomaasii kun fedhii biyyoota yaa'a lagichaa jidduutti walta'iinsa zoonawaa guddisuuf taasifamuuf tarkaanfii murteessaadha.

Sudaan Kibbaa waliigalticha fudhattee raggaasisuun Komishinii yaa'a Naayil hundeesuudhaan fayyadamummaa ummatoota keenyaa mirkaneessuuf dadammaqiinsa ni uuma" jedhan ergaasaaniitiin.

Walta'iinsi yaa'a laga Naayil jaarriyaa biyyoota naannawaa 10 miseensummaan kan qabate yoo ta'u, laga Naayil qabeenya waloo biyyoota kanneenii ta'e kana walqixaafti ittifufiinsa misoomsuufi bulchuu kan kaayeeffateedha.

Waliigalticha Itoophiyaan, Ruwaandaan, Burundiin, Taanzaaniyaan, Ugaandaan amma ammoo Sudaan Kibbaa (biyya jahaffaa ta'uun) manneen mariisaaniitiin raggaasisaniiru.

Sudaan Kibbaa waliigaltee walta'iinsa yaa'a Naayil raggaasisuunshii Itoophiyaaf mirkaneessituu guddaa milkaa'ina dippilomaasii ta'uudha Yunivarsiitii Finfinneetti Barsiisaan Saayinsii Siyaasaafi Hariiroo Idiladdunyaa akkasumas qorataan dhimma Abbayyaa Pirofesar Yaa'iqoob Arsaanoon kan ibsan.

Itoophiyaan kanaan dura biyyoota yaa'a laga Naayil waltaasisuudhaan, falmiifi yaada maddisiisuurraa kaasee hojiilee danuu hojjechaa turteetti. Walta'iinsi waggoota 14 dura ragga'eefi waggoota 11f irraddubannoon irratti adeemsifamaa sadarkaa amma irra jirurra ga'uun milkaa'ina dippilomaasii Itoophiyaatiif agarsiistuu cimaadha.

Itoophiyaan waggoota dheeraaf walta'iinsa yaa'a Naayil qopheessuufis biyyoonni yaa'a lagichaa walta'iinsicha akka mallatteessaniif gumaacha, qabsoofi tattaaffii cimaa taasisteetti. Sudaan Kibbaa walta'iinsicha raggaasisuunshii Itoophiyaaf tarkaanfii dippilomaasii isa olaanaadha.

Itoophiyaan qabeenya Naayil karaa haqaqabeessa ta'eefi walqixa fayyadamuuf seera diriirsuufi adeemsa seeraa akkasumas sarara dippilomaasii taasistee ittifayyadamteetti. Kun ammoo biyyoota bishaan burqisiisan birootiin fudhatama argateefi deggaramee qindoominni gaariin adeemsifamee waliigaltichi waggoota 14 dura mallatteeffame.

Biyyoota wayita sana mallatteessan keessaa baay'eensaani waliigalticha qaama seeraasaani taasifatani, sanadichis Gamtaa Afrikaatti galmaa'ee Komishiiniin lagicha haqummaan ittifayyadamuuf gargaaru akka hundaa'uuf barbaadamaa ture. Tattaaffiifi imalli Itoophiyaan naannawa sanatti taasistee yoo turellee milkaa'ee dubbiiin gara guduunfaatti deema jira.


Sudaan Kibbaa amma waliigalticha mallatteessuunshii imalli dippilomaasii Itoophiyaa milkaa'aa ta'uu kan agarsiisuudha. Kunis guduunfaa bu'aalee hundaa waan ta'eef Itoophiyaa qofaaf otoo hintaane biyyoota kaan waliigalticha mallatteessaniifi bishaan maddisiisaniifi mallattoo milkaa'ina isa olaanaadha.

Adeemsichi sadarkaa kanarra akka ga'uuf tattaaffiin Itoophiyaan taasistee mootummaadhaanis ta'e hayyoota irraddubannoo laga Abbayyaatiin ija gaariidhaan kan ilaalamuudha. Ummata Itoophiyaa ijaarsa hidha laga Abbayyaarratti waan qabuun hirmaataa tureenis akkasuma.

Waliigalteen akkanaa akka Itoophiyaan misoomawwanshii biroos ittifuutuuf kan ishee gargaaruufi milkaa'inashii gama dippilomaasiitiin gonfate fayyadamuun qabeenyaafi beekumsashii qindeessitee; nageenya bishaanshii eegistee akka fuulduratti tarkaanfatuuf kan gargaaru akkasumas maatii Naayil jidduutti qindoominaafi walittimakama naannawaa daran kan jabeessuudha.

Ummanni Itoophiyaas alaa keessaa injifannoo qabsoo dippilomaasii cimaadhaan argame kana hubachuun, qorattooniifi hayyoonnis milkaa'ina kana fudhatanii biyyattiin fuulduratti caalaatti akka fayyadamtuuf qoodasaanii bahachuufi utubuu qabu; dhimmichi taatee milkaa'aa qabsoo dippilomaasii Itoophiyaan taasistaa turte ifatti kan dhugoomse waan ta'eef.

# Yaada/Ajandaa



## Gorgoraa: Mallattoo biyya harkaan ijaaruu

### Bayyanaa Ibraahimiin

Dhiheenya kana eebba ikoo turiizimii Gorgoraarratti haasaa kan taasisan Ministirri Muummee Ahmad (PhD) Biyya ijaaruuf harka cimaa daaraafi wantoota adda addaa tuttuquuf hinbalfine, kanneen roobaan hinari'amneefi aduuf qorraaf hinjilbeeffanne gaafata malee, arraba gama yutuubiitiin dheeressaniin biyyi ijaaramu akka hinjirre pirojektiin ikoo turiizimii Gorgoraa kun nu barsiisee darbeera" jedhan.

Akka ibsasaaniitti; biyya ijaaruufi biyya ijaaramte utubanii tursiisuuf kan barbaachisus arraboota fageenyarraa gama miidiyaalee hawaasaatiin hafarfaman osoo hintaane, harka cimaa hojiidhaaf qophaa'eeni.

Yeroo jalqabataatiif gara naannawa kana kanin dhufe ijaarsa pirojektii kanaa jalqabsiisuuf ture. Erga guyyaa jalqabaa sana dhufnee ijaarsasaa jalqabsiisnee boodas hanga yeroo 17 asitti deddeebi'ee ijaarsa pirojektichaa ilaalaafi hordofaan ture.

Kanaaf yeroo hunda kana keessatti Gorgoraan eessaa ka'ee garamitti imalaa akka jiru ilaaluuf carraa argadheera. Yeroowwan asitti deddeebi'ee ijaarsa Gorgoraa kana daawwadhaa ture keessaa inni ani yaadadhuufi muudannoo guddaa irraa qabu tokko isa yeroo waraana 'TPLF' waliin walwaraanaa turre sanitti namudateedha.

Yeroo waraanni kaabaa akka malee jabaatee waraanni 'TPLF' naannawa Shawaa dhaqqabee ture sanatti ani ijaarsa pirojektii ikoo turiizimii kana daaw'achuuf garana dhufeen ture. Wayita sana namootni waraanni kun isaan yaadessu 'TPLF' osoo gara Shawaatti imaluu isin gara Gorgoraatti dhufuun kun hinulfaatu?" jedhanii gaaffii naa dhiyeessaa turan.

Ani garuu kanin amanu; harka tokkoon waraana, harka kaaniin immoo misooma. Harka tokkoon qonna harka isa kaaniin misooma magaalaa, harka tokkoon ijaarsa hidhaa harka isa hafeen indaastirii hojjachuu malee dabaree dabareedhaan hojjachuun biyya ni jijjiira amantaa jedhu hinqabu.

Kanaaf asis taa'anii yookiin Finfinnees taa'anii waraana hogganuun waan danda'amuuf ijaarsi pirojektii kanaa yeruma tokkoofillee akka addaan hincitneef hojii kutannoo qabuun hogganaa turre.

Osoo silaa akkas ta'uu baatee jechuunis harka tokkoon waraana 'TPLF' qolachaa



harka hafeen hojiiwwan misoomaa akka ijaarsa pirojektii Gorgoraa kana ittifufsiisuu baannee har'a akkanatti boonnee hineebbifnu ture.

Gorgoraan akkanumaan yemmuu ilaallu, sagaleedha, qubeedha, fakkiidhas jechuun ni danda'ama. Sababnisas Gorgoraan qubee ta'ee seenaa barreesseera. Seenaan Gorgoraan qubee ta'ee barreesse kun immoo isa namni kamuu haquufi waakkachuu hindandeenyeedha. Gama biraatiin immoo Gorgoraan sagalee ta'ee sagalee keenya ol guddisee namoota fageenya dheeraarra jiraniif dhaggeessisuu danda'eera.

Pirojektii ikoo turiizimii Gorgoraa kana ilaalee namni abjuu keenya hinhubanne jiraachuu hindanda'u. Akkasumas Gorgoraan fakkiidha. Abjuufi yaada nuti biyyaaf qabnu ifatti ummataaf ibseera. Gorgoraan seenaa barreessee, abjuu hiikee, warreen yaada keenya hinhubanneef ibse kun waadaa kanaan dura galtee deebisaa abjuu gara fuula duraatiifis bu'ura walamantaa kan uumuudha jennee abdanna.

Pirojektii kanaaf immoo hawaasa naannawa kanaatiif warroota guyyaa eebbaa asitti argamtan qofaa osoo hintaane, dhalootni egereefi seenaan ragaa kana nuu bahan akka ta'an shakkii hinqabnu.

Haata'u malee kaayyoon nuti ummata biyya kanaa gara badhaadhinaatti ceesisuuf qabanne ijaarsa pirojektii Gorgoraa kana xumuruu qofaadhaan kan galma ga'uu miti.

Namni tokko maallaqa baasee tikeetii xayyaaraa bitatee Gorgoraa qofa ilaalee deebi'uu hinqabu. Kanaaf namni iddoo jirurraa ka'ee xiyyaaraan hanga Magaalaa Bahaar Daar dhufe tokko ikoo turiizimii Gorgoraa kanaan bishaanirra geejibee akka Bahaar Daar ga'uuf dooniwwan lama bitamanii alaa galaa jiru.

Hojiin kun filannoowwan geejibaa jiran bal'isuu qofaa osoo hintaane, dargaggootaafis carraa hojii kan bal'isu waan ta'eef dhimma akka salphaatti ilaalamuu miti jedhan.



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

**Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa**  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

### Gulaalaan

**Charinnat Hundeesaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

### Qopheessitootni:

*Saamraawit Girmaa*

*Natsaannat Taaddasaa*

*Bayyanaa Ibraahim*

*Waasihuun Takilee*

### Adeemsisaa Hojii

*Bil. 011-126-42-22*

### Kutaa Beeksisaa:

*Bil. 011-156-98-73*

### Raabsa Gaazexaa

*Bil.011-157-02-70*

### Faaksii Kutaa Qophii

*251-011-1-5698-62*

*L.S.P 30089*

*email-bariisaa@press.et*



*Ethiopian Press Agency*



## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Baatuun gama hundaan imala badhaadhinaarratti argamti”

- *Obbo Ahmaddiin Ismaa'il*  
(Kantiibaa Magaalaa Baatuu)

## Charinnat Hundessaatiin

*Magaalaan Baatuu bara 1953 akka hundoofte kan himamuuf yoo ta'u, magaalota Itoophiyaa riiformii keessa galan keessaa ishee tokko. Finfinneerraa kiiloo meetira 160 fagaatee kan argamtu Baatuun, magaalota qabeenya uumamaatiin badhaadhan keessatti eeramti. Magaalattiin qarqara hara Dambalitti argamuunshii wiirtuu turizimii akka taatuuf carraa baneeraaf.*

*Hojii misoomaa cimaa keessa kan jirtu Baatuun sagantaa Itoophiyaa qulqulluu Ministira Muummee Abiyyi Ahmadiin labsame dursitee eegaluun manneen fincaanii sadarkaasaanii eeggatan ijaaruun tajaajilaaf qopheessaa jirti.*

*Hojiilee magariisummaas xiyyeeffannaan raawwachaa kan jirtu yoo ta'u, qarqara hara Dambalis haala daran miidhagaa ta'een misoomsuuf lammailee carraa hojii, jiraattotaafi turistootaaf bakka aaragalfii, magaalattiif ammoo madda galii ta'eera.*

*Magaalaan kukkuullattee miidhagaa jirtu kun mallattoo бага nagaan dhuftanii seensarratti qabeenya uumamaashii kanneen akka simbira Abbaa Mokee jedhamuufi qurxummiin fayyadamuun miidhagamee hojjetameen anaa dhufu jettee keessummootashii simachaa jirti.*

*Gaazexaan Bariisaas sochiilee gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin taasifamaa jirurratti akka nuuf ibsaniif Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Baatuu Obbo Ahmaddiin Ismaa'il keessumaa maxxansa kanaa taasifateeraa dubbisa gaarii.*



**Bariisaa: Sochiin misoomaafi haalli nageenyaa Magaalaa Baatuu maal fakkaata, akkamittis ibsama?**

**Obbo Ahmaddiin:** Sochiin gama nageenyaafi misoomaatiin taasifamaa jiru olaanaadha. Magaalaan keenya badhaadhina maatii mirkaneessuufis sochii bal'aa taasisa jirti. Kun waanuma qabatamaan lafarrattis mul'ataa jiruudha. Hojiileen gaggaariin jireenya hawaasaa jijjiiruu danda'an hedduun hojjetamaa jiru.

Kana keessatti roga misoomaarraa kaanee yoo ilaalle: Baatuun magaalaa hawwata turizimii, jireenya dhala namaatiif mijooftuudha. Roga kanaan hojiilee guddoon hojjetamaniiru, hojjetamaa jiru. Baatuun akkuma teessumashiitiin ilaallee hubachuu dandeenyu magaalaa baredduufi mijooftuu, Rabbi qabeenya uumamaatiin ishii badhaaseedha.

Kanneen keessaa kan daran ittiin beekamtuufi adda ishee taasisu, akkasumas hawwattuu turizimii ishee taasisu jennee qoqqoodnee yoo ilaalle, tokkoffaan hara Dambali. Baatuun hara Dambaliin beekamti. Bal'inni hara Dambal hektaara kuma 50. Bal'inni magaalaa ammoo hektaara kuma 21. Hara dachaa oliin magaalarra bal'atu jechuudha.

Hara lafa hektaara kuma 50 irratti qubate qofa otoo hintaane hara kana keessatti waantonni hawwattummaa turizimiitiif oolanis hedduun jiru. Harichi odoloota guddoo shan kan namni irra jiraatuufi irra hinjiraanne qaba. Odolli namni irra hinjiraanne kan odola simbirrootaa jedhamu jira.

Simbirroonni adda addaa iddoo biraatti hinargamellee asitti qofa argaman jiru.

Akkuma beekamu hara kana keessatti qurxummiiwwan daran hedduutu jiru. Namni guyyaa guyyaadhaan qurxummii soorrachaa jiraata. Eegaa Baatuun uumamaan qabeenya qabdu kanatti yoo sonawwan muraasni akka bulchiinsa magaalatti ittadabalame magaalatti dinagdeedhaan gara fuulduraatti tarkaanfachiisuun akka danda'amu waan amannuuf rogawwan hundaan tarsiimoo jireenya hawaasaa jijjiiru bocnee ittideemaa jira.

Baay'inni ummata biyya keenyaa miliyoona 100 caaleera. Ummata kana haala imalaa kanaan dura baranneen deemnee jijjiiruu hindandeenyu. Kanaaf imala qocaatiin deemuu osoo hintaane yaadamaafi inisheetivii haaraa jireenya ummataa jijjiiruu danda'an mootummaan bocee gadi buuseera.

**Bariisaa: Baatuutti sochiin qonna magaalaa maal fakkaata?**

**Obbo Ahmaddiin:** Qonna magaalatti akaakuuwwan inisheetivii 28 qabannee milkeessaa jira. Akaakuuwwan inisheetivii kanneen keessaa hawaasni magaalaa kamuu qotatee, omishee, jiraachuu nidanda'a. Waan hojjetuun ammoo jireenyasaa jijjiiruu nidanda'a.

Kanneen keessaa tokkoffaan qonna magaalatti. Qonna magaalattiin walaqabatee Magaalaan Baatuu kuduraa kanneen akka paappaayyaa, avokaadoo, muuzii fa'iin akkasumas omisha qamadiitiin daran waan beekamtuuf naannawa kanatti hojii guddaa hojjechaa jira. Hojiin kun ammoo waan namni lafa bal'aa qabaateef hojjetu miti. Namni hundinuu oyirruudhuma xiqqoo qaburratti hojii kuduraafi muduraa yoo hojjetee jireenyasaa jijjiiruu waan danda'uuf haala kanaan hojjechaa jira.

Inni biraa sagantaa, “Nyaata koo boroo kooti” kan jedhamuudha. Sagantaa kana akka tarsiimooti qabannee hojjechaa kan jiru namni waan oyiruun keenya omishuu hindandeenyeen ala gabaarraa bituun irra hinjiraatu. Lafuma qe'eedhaa qabnurratti pilaastikii bishaanii murree biyyoo itti naquun qaaraafi raafuufaa irraan oleefi dalgees ta'u haallitti qabatamee hojjetamaa jiru daran gaariidha.

**Bariisaa: Qonna magaalarratti haala kanaan hojjechuun bu'aa akkamii argamsiisaa jira?**

**Obbo Ahmaddiin:** Hojiin kun jiruufi jireenya hawaasa keenyaa jijjiireera. Akkaataa kanaan qonna magaalaa oggaa sadarkaan hojjennu bu'aa maalii nuu buuse jennee yoo ilaalle tokkoffaa tasgabbi gabaati. Magaalaa keenyatti qaala'iinsa jireenyaa tasgabbeessuu dandeenyeera.

Namuu hanguma humnasaa waanuma qabuun bitatee jiraachuufi maatiisaas jiraachisuu akka danda'u gochuun danda'ameera. Kunis kan ta'eef hojii qonna magaalarratti bal'inaan waan hojjenneefi. Omisha timaatimiirratti hojjetaa akka jiru isinis agartaniittu. Omishni timaatimii gandoota qabnu 10 keessatti haaluma walfakkaatuun bal'inaafi xiyyeeffannaa olaadhaan hojjetamaa jira. Kilaastari kuduraafi muduraas haala adda ta'een hojjetaa jira.

**Bariisaa: Baatuutti hojiin horsiisa lukkuu sadarkaa akkamiirra jira? Eennyutu irraa fayyadamaa jira?**

**Obbo Ahmaddiin:** Hojii nuti qonna magaalarratti xiyyeeffannoon irratti hojjetaa jiru keessaa tokko horsiisa lukkuuti. Lukkuuwwan miliyoonotaan

lakkaa'amantu haala ammayyaatiin magaalaa keenyatti horsiifamaa jira. Lukkuu sanyii addaa guyyaa guyyaadhaan lukkuu buustu (hanqaaqxu) omishaa jira. Kana keessatti eenyufaatu irraa fayyadamaa jira jennee yoo ilaalle tokkoffaa hawaasatu irraa fayyadamaa jira.

Lammaffaa dargaggeessi gama carraa hojiitiin irraa fayyadamaa jira. Hojii kanaan fayyadamummaa dargaggoota keenyaa mirkaneessaa jirra jechuudha. Horsiiisa lukkuu kana oggaa haala kanaan hojjennu, qaala'ina jireenyaa hoo akkamiin tasgabbeessine jennee gaafa ilaallu bara darbe magaalaa keenyatti killeen tokko qarshii 17 ture. Barana ammoo qarshii saddeet ykn sagalatti gadi bu'eera.

Kaayyoon keenya gatii killee qarshii saddeet ykn sagalatti gadi buusuu miti. Akeekni keenya gatii killee kana gara gatiisaa duriitti deebisuudha. Kanneen waldaadhaan gurmeessinee horsiisa lukkuurratti hirmaachisne qofa otoo hintaane namni kamuu akka tarsiimooti lukkuu 10 hanga 25tti qabaachuu qaba jennee xiyyeeffannoon hojjetaa jira. Kun hojii waggaa tokko qofa keessatti hojjetameedha.

Jiraataan magaalaa kamuu lukkuuwwan 25 mana keessaa qabaachuu qaba. Yoo xiqqaate ammoo kudhan. Ijoolleen killee lukkuu nyaachaa guddachuu qabu jennee akka tarsiimooti qabannee ittideemaa jira. Kilaastara lukkuu 200 hojjenneera. Kilaastari tokko lukkuuwwan kuma lama qabaata.

**Bariisaa: Hojiin gama horsiisa looniifi omisha dammaa hoo sadarkaa akkamiirra jira?**



## KEESSUMMAA BARIISAA

## “Baatuun gama hundaan imala...”

**Obbo Ahmaddiin:** Horsiisa loonii, omisha aannaniifi dammaattis xiyyeeffannoon hojjetaa jirra. Keessummaa Baatuu galaana dammaa gochuu dandeenya jennee kilaastara dammaa gaagura ammayyaa kuma tokkoo ol galchinee damma omishaa jirra. Kan isinis qaamaan argamtanii ilaaltan kilaastara tokko. Kilaastaroota dammaa 50 ol qabna.

Kilaastara furdisa loonii 50 hojjenneerra. Kan omisha aannaniis kilaastaroota 50 hojjenneerra. Kunniin kan akka mootummaatti hojjenne qofa. Kan hawaasa gurmeessinee ofiin hojjetee jira. Otoo kana hindabalatiin mootummaan gama qonna magaalatiin hojiilee irranatti eerre hojjetamaniiru. Kunis deemee deemee magaalaa keenyatti gatii tasgabbaa'aadhaan waa argatee akka jiraatu taasisaa jirra. Roga dinagdeetiin akka waliigalaatti hojiin deema jiru daran gaariidha jechuu nidandeenya.

**Bariisaa: Baatuun gama galiitiin maal fakkaatti?**

**Obbo Ahmaddiin:** Magaalaan tokko guddachuu kan dandeessu yoo galiinshii cime qofa. Galii faana walqabatee barana dachaa bardheengaddaa sassaabuuf karoorfanneerra. Karoorri galii barana ni sassaabna jennee qabanne tajaajila mana qopheessaarraa qarshii miliyoona 145. Kan qabanne hunda sassaabneerra.

Kan gali idilee qarshii miliyoona 497 ni sassaabna jenneerra. Kanas guutummaatti raawwachu dandeenyeerra. Amma ji'a kana karoorra keenyaa ol sassaabuuf jenna. Karaa kanaan galii keenya dachaadhaan dabalteerra. Galiin kanaan ammoo hojiilee misoomaa hojjechaa jirra. Pirojektota fayyadamummaa dargaggootaafi ummataa mirkaneessan hojjechaa jirra.

Bara dhufu karoorra keenya dachaadhaan dabaluufta yaadaa jirra. Akka tarsiimooti gubaadhaa kan kenname karoorra keenya harka 30n baay'isnee akka qabannuudha. Karoorra bara ittaanus dachaan daballa. Magaalaa kana jijjiiruuf karoorra qabannee ittideemaa jirra.

Erga galii keenya sadarkaa kanaan jijjiiruu dandeenyee wantoonni amma hudhaa nutti ta'an maali jennee yoo ilaallu kanin irranatti kaase dhimmi qaala'iinsa jireenyaa jennu kun xiyyeeffannaa guddaa barbaada; hojii guddaan amma irratti hojjechaa jirrus isa waan ta'eef. Maaltu qaala'iinsa jireenyaa kana fide jennee yoo ilaalle tokkoffaa daldala seeraan alaati. Daldalli seeraan alaa magaalaa keenyatti akka zeeroo ta'uuf hojjechaa jirra.

Namni sochii daldalaa keessa galu marti eeyyama daldalaa baafatee akka hojjetuuf xiyyeeffannaa guddaadhaan ittideemaa jirra. Damee kanaan hojii guddaatu hojjetamaa jira. Roga turizimiitiin hojii guddaan hojjetamaa jira. Gama dinagdeetiin kanatu jira.

**Bariisaa: Waantota gama tajaajila hawaasumaatiin hojjetamaa jiran otoo nuu ceertanii?**

**Obbo Ahmaddiin:** Damee hawaasumaarratti xiyyeeffannaan hojjetaa jirra. Fakkeenyaaf akka inisheetiivitti qabannee deema kan jirru waa'ee qorichaati. Gama qorichaatiin dhiyeesisaa dabalatee hanqina guddaatu jira. Rakkoo



**Maaltu qaala'iinsa jireenyaa kana fide jennee yoo ilaalle tokkoffaa daldala seeraan alaati. Daldalli seeraan alaa magaalaa keenyatti akka zeeroo ta'uuf hojjechaa jirra**

hawaasa keenyaa kana furuuf mootummaan akka inisheetiivitti mana qorichaa hawaasaarratti kallattii nuu kaa'eera. Mana qoricha hawaasaa bara darbe hinqabnuuyyu.

Barana ammoo qarshii miliyoona 2.2n mana qorichaa hawaasaa kan qorichoota akaakuuwwan 149 qabu binnee hawaasaaf banuu dandeenyeerra. Gaafa mana qorichaa hawaasaa kana bannu kaayyoowwan guguddoo lama qabanneeti. Isaanis: Tokko hanqina dhiyeessii qorichaa naannawa gabaatti mul'atuufi hawaasa keenya rakkisaa jiru furuudha. Lammaffaa gatii qorichaati. Manni qorichaa dhuunfaa akka barbaadetti ummatatti gurguraa jira. Kana tarkaanfii fudhannee sirriitti tasgabbeessaa jirra.

Gaafa mana qoricha hawaasaa kana akka mootummaatti bannu hawaasni gatii madaalawaadhaan akka argatu gochuudhaafi. Kaayyoowwan guguddoo lamaan kanneenirratti xiyyeeffannee hojjechuun hanqina dhiyeessii qorichaa furreerra. Lammaffaa hawaasni gatii madaalawaadhaan qoricha akka argatu taasisneerra.

**Bariisaa: Gama industirii godoo fa'iin maaltu hojjetamaa jira?**

**Obbo Ahmaddiin:** Namoonni ogummaawwan adda addaa qabu. Kan ogummaa harkaa qabu jira. Industirii godoo jennee magaalaa keenya keessatti wagguma waggaan dabaltee hojjechaa jirra. Kaayyoon industirii godoorratti xiyyeeffannee hojjechaa jiruuf namni ogummaa qabu, dandeeftii waa bocuu qabu, waa kalaquu danda'u, sababa iddoo itti omishu dhabeen, iddoo itti ogummaasaa kana lafa buusu dhabeef ogummaasaa qabatee kan taa'aa jiru baay'eedha.

Kana keessatti ammoo iddoo namni ogummaa qabu kun ogummaasatiin hawaasa ittitaajilu waan tokko omishee, tolchee, gabaaf ittidiyeessu hojjechuufi waan qabnuufi. Bara darbe industirii godoo tokko, baranas lama hojjenneerra.

**Bariisaa: Hojiin gama magariisummaa magaalatiin hojjetamaa jiru akkamitti ibsama?**

**Obbo Ahmaddiin:** Magariisummaafi miidhagina magaalattiirrattis xiyyeeffannaadhaan hojjechaa jirra. Pirojektii Haroo Dambal jedhamuun hojiin miidhagsa qarqara harichaa, jiddugalli bashannana dargaggootaa qarqara harichaatti hojjenne, magaalaa keenyaaf bu'aa guddaa buuseera. Miidhagini magaalaa dabaleera. Dargaggoota keenyaafis carraa hojii uumeera. Galii magaalaa nuu dabaleera.

Pirojektiin 'lake side' jennee qabanne hojjenne sun jiddugalli bashannana dargaggootaa hara Dambalirratti hojjenne guyyaadhaan yoo xiqqaate qarshii kuma 30 hanga kuma 40 nuu galcha. Bakkichi gaafa namni baay'inaan hinseenne jenne qarshii kuma 20 galcha. Karaa biraatiin pirojektii 'rood saayid' jennee qabanneen magariisummaa magaalaa babal'isaa jirra.

Magariisummaan daandii asfaaltii guddaa maddiitti argamu bara darbe balfa ture. Kanaaf tarsiimoon pirojektii rood saayidiifi magariisummaa kun akeekawwan afur jechuunis magaalattii gara turizimiitti ceessisuuf, miidhagina magaalaa dabaluufta, dargaggootaaf carraa hojii uumuuf, galii

magaalaa dabaluu qabatee hojjetamaa ture, jiras. Kanaan magaalaa ta'e qarqarri hara Dambal daran miidhaganiiru.

Karaa biraatiin waanti magaalota birootti hinhojjetamneefi Baatuutti hojjenne tarsiimoo Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) geejibaan walqabatee deema jiru, haaluma isaan geejiba gara motora aara hinqabneetti jijjiiruu qabna jedhaniin magaalaa keenyatti lafa buusuuf daandii saayikilii kiiloo meetira 2.5 qarshii miliyoona 43n hojjenneerra. Kunis addababa'ii gara Yunivarsitii Mootummaa Naannoo Oromiyaa geessuu hanga Sheeritti kan jiruudha.

Kunniin marti walittidabalamanii sadarkaa magaalaa Baatuu gama misoomaatiin irra jirtu kan agarsiisaniidha. Baatuun fayyadama saayikiliitiin beekamtuufi jalqabarratti argamtuudha. Namni geejiba motoraarraa gara geejiba motormaleessaatti dhufuu qaba. Sababiinsaas geejibni motora boba'aa barbaada. Boba'aan ammoo maallaqa barbaada.

Geejibni motora malee kun ammoo waan boba'aafi qarshii guddaa hinbarbaadneef gara kanatti dhufamuu qaba. Jijjiirama haala qilleensaatiifillee motoroonni aara maleeyyiin daran barbaachisoodha. Nutis kanuma yaada keessa galchuun daandii saayikilii hojjenne, hojjechaas jirra.

Gaafa waliigalasa walitti idaatu ammoo Baatuun gama hundaan imala badhaadhinaarratti argamti. Badhaadhina maatii hundagaleessa sadarkaa nama dhuunfaatti jenne sana mirkaneessuuf daandii gaariirra jirti. Baatuun yeroo gabaabaa keessatti magaalaa abdi biyyaa taati jennee eegna. Waanti amma hojjenne kun nuuf jalqabbiidha.

Akkaataa carraa qabeenya uumamaa, humnaafi haala qilleensaa mijataa magaalaa kun qabuun hojiin hinhojjetamne jenneeti kan qabanne. Fuulduratti kana caalaa dachaadhaan qabannee nihojjenna. Jiruufi jireenya hawaasa keenyaa nijjijirra. Magaalaa abdi biyyaa taate, namni keessaa baqatu otoo hintaane ittibaqatu uumuuf tattaafataa jirra.

**Bariisaa: Hojiin biyya ceessisuuf hojjetamaa jiru maal fakkaata?**

**Obbo Ahmaddiin:** Kaayyoon keenya biraa akka maniitti qabannee deema jiru biyyi Oromoodhaan (Kabajamoo Ministira Muummee Abiyyi Ahmad) hogganamaa jirti. Sabootaafi sablammiilee biyya keenyaa ammoo carraansaani amma nu harka kan jiru.

Oromiyaan karoorfattee saffisaan hojjechaa kan jirtuuf ofiishii qofaaf miti. Oromiyaan Oromoo qofaaf miti. Sabootaafi sablammiilee Oromiyaa keessa jiraatan qofaafis miti. Oromiyaan inisheetiivota adda addaa bocee saffisa addaatiin sa'atii 24:00 hojjechaa kan jiruuf abdiin biyya kana Oromiyaarra waan jiruufi. Waan abdiin biyyaa nu harka jiruufi.

Yoo Naannoleen Amaaraa, Tigraayyiifi kaan beela'an Oromiyaatu nyaachisu qaba. Naannoleefi saboonni biyya keenyaa yoo rakkatan nu qabu, harka keenyaa waan jiraniif nutu nyaachisuufi gargaaruu qaba miira jedhuuni kan onnee guutuudhaan hojjechaa jiruuf. Qabeenyi Oromiyaa qofti

*Gara fuula 8tti*



## KEESSUMMAA BARIISAA

## “Baatuun gama hundaan imala...”

Itoophiyaa guutuu utubuu danda'a. Nutis miiruma kanaan xiyyeeffannee hojjechaa jirra.

Kanaaf kan amma qabanne kun akkuma jirutti ta'ee bara 2017'ttis dachaa baranaatiin karoofannee, karooricha ammoo gubbaa kaasnee hamma nama dhuunfaatti mariisiseerra. Adoolessi yeroo karoora ittiqopheeffannu otoo hintaane yeroo itti hojii raawwannu waan ta'eef dursinee qophoofnee hojii keessa jirra. Kanaan hawaasni keenya gara badhaadhinaatti ni ce'a. Magaalaan keenyas gara hawwatummaa turizimiitti niceeti.

**Bariisaa: Hojiin gama nageenyaatiin raawwatame hoo maal fakkaata?**

**Obbo Ahmaddiin:** Hojiileen irrannatti tarreessinee milkaa'uu kan danda'u yoo nageenyi waaramirkanaa'eqofa. Magaalaan keenya akkuma isin keessa deemtanii argitan sa'aatii 24:00 nagaqabeettiidha. Hawaasni magaalaa keenyaa, qajeelfama “Na eegi sin eegaa” jedhamu qaba. Isaan nageenyasaa ceggachaafi mirkaneeffachaa jira. Dhimma na eegii sin eegaa kanaan walqabatee hayyuun Kaaroon jedhamu maal jedha seete? “Gaggeessaa cimaan dugda walittigalee qabsaa'a”.

Kana jechuun maal jechuudha seete, aniifi ati dugda walittigalee yoo qabsoofne eeboon garasii darbatamtu gugda kee hinseenu; anatu sirraa faccisa. Eeboon gamanaa darbatamu dugda koo hinargatu; situ narraa faccisa jechuudha. Kanaafuu hawaasni keenya tarsiimoo na eegi sin eegaatiin nageenyaarratti hojjechaa jirra.

Nageenyi kan ummataati. Nageenya loltuu ykn qaama nageenyaa hidhatee socho'u qofaan kan mirkanaa'u miti. Nageenya poolisiin qofti eegge hindanda'u; yoo hawaasni qaamolee nageenyaa wajjin ta'uu baate. Kanaaf tuuta akka bulchiinsa magaalatti gubbaarraa kaasee hamma sadarkaa nama dhuunfaatti ijaarreerra. Fakkeenyaaf gaafa jalarraa kaanu hawaasni jira. Hawaasni bilookii qaba. Bilookiiwwan walittihidhamanii zoonii ta'u. Zooniin walitti hidhamee ganda ta'a. Gandoonni walitti hidhamanii magaalaa ta'u.

Tokko tokkoon bilookii qindeessaa qabu. Hunduu sadarkaa sadarkaadhaan hanga kantiibaatti ittiwaamamaa qabu. Akkaataa kanaan bilookii tokko keessatti waanti tokko uumamnaan sirna ittigaafatamummaa hordofsiisna.

Haala kanaan ijaarree dabareesaa beeksisuun hojjetaa jirra. Hawaasni waamicha tokko malee gaafa dabareesaa bahee sa'aatii 24:00f sa'aatii jaha jahaan waljijjiiraa ykn walharkaa fuudhaa nageenya magaalasaa eega. Kunis Baatuuf bu'aa guddaa buuseera. Namoota magaalaa kana jeequuf karoora qabaatan hundarratti tarkaanfiin fudhatamaa jira.

Baatuun magaalaa sa'aatii 24:00 daldalli keessatti adeemsifamuudha. Keessumaa Waajjira kantiibaarraa kaasee hanga daandii gara Mana Sirreessaa geessuutti halkan guutuu daldala ho'aatu adeemsifama. Kunis kan ta'eef waan nageenyi amansiisaan jiruufi. Kanaaf gama nageenyaatiin haala gaariirra jirra. Kun gara fuulduraattis waan cimee ittifufuu qabuudha. Nageenya keenya eeggannee deema jirra. Hojiin nageenyaa kan ija irraa liibstan waan hintaaneef sa'aatii



24:00 hojjetaa jirra. Kun gara fuulduraattis cimee kan ittifuudha.

**Bariisaa: Dargaggoota gurmeessitanii hojiitti bobbaasuufi humnumti kun nageenya naannawasaa mirkaneessuurratti akka hirmaatu gochuuf maaltu hojjetamaa jira?**

**Obbo Ahmaddiin:** Mootummaan ammaan tana of kennee hojjetaa kan jiru keessumaa fayyadamummaa dargaggootaa mirkaneessuufi. Barana qofa dargaggoota digriidhaa hanga maastarsiitti baratani hojii malee taa'aa turan kuma jahaafi 500 ol waldaadhaan gurmeessinee hojiitti galchuu dandeenyeerra.

Qophiin dargaggoonni garanatti dhufuuf qaban daran olaanaadha. Kanaan dura keessumaa dargaggoonni baratan gurmaa'anii hojjechuurratti ilaalchi gaariin hinturre. Kunas ammaan tana hojii leenjisuufi hubannoo gabbisuun hamma tokko cabsuun danda'ameera. Ammallee hojii baay'ectu nu hafa.

Dargaggoonni keenya amma namni baratee dhufe hojii mootummaa qofan seena jedhee taa'u yoomin jiruufi jireenya koo jijjiira jedhee yaaduu qaba. Amma hojiin hojii mootummaa caalu kumaatamni jira. Hojii yeroo gabaabaa keessatti hojjennee abbaa qabeenya itti taanu guute; magaalaa keenya keessa. Carraa hojii baay'ee qabna.

Dameewwan hojii dargaggoota irratti gurmeessinee hojiitti galchinuun baay'ee qabna. Kanaaf dargaggoonni keenya kan baratee taa'us ilaalcha eeggattummaa, mootummaa eeguu jalaa bahee jiddugala omishaafi gurgurtaa qopheessinefaarratti gurmaa'ee galuu hojjechuu qaba. Jiddugala gurgurtaa kuduraafi muduraa waldaalee 96 qabaachuu danda'u dargaggootaaf qopheessineerra.

Gamoon G+1 qopheessine kan waldaalee baay'ee qabatus qophaa'eera. Kanaaf dargaggoonni keenya gara gurmuutti dhufuu qabu. Dargaggoonni ogummaasaaniitiin, waan hojjechuu danda'aniif hojii filatee, waldaadhaan gurmaa'ee of jijjiiruu qaba. Dargaggoota gurmaa'aniif haalli liqqi mijateefi jiruufi jireenyasaa yeroo gabaabaa keessatti jijjirachuu waan danda'uuf akka gurmaa'un dhaamaaf.

Ani gurmaa'ee hojii qabadhee jijjiirama malee hojii mootummaa eeggadhee jijjiiramuu hindanda'u ilaalcha jedhu qabatee tattaafachuu qaba. Gara gurmuutti koottaa, iddoo isinii qopheessineerra. Kan ogummaa harkaa qabuuf industirii godoo qopheessineerra.

Kan kuduraafi muduraarratti bobba'uu barbaaduufis jiddugala qophaa'eera. Kan daldalarratti bobba'uu barbaaduufis jiddugala daldalaa isinii qopheessineerra koottaa gurmaa'aa bakkawwan mootummaan isinii qopheesse kana fudhadhaatii hojiitti galaa ergaa jedhun qaba.

**Bariisaa: Buufata konkolaataa sadarkaasaa eeggate hojjechuuf maaltu yaadame? Guddina Magaalaa Baatuu caalaatti dhugoomsuurratti waanti akka hudhaatti ka'u yoo jiraates otoo nuu kaastanii?**

**Obbo Ahmaddiin:** Waantonni akka hanqinaatti otoo xiyyeeffannaa argatee jedhee kaasuu barbaadu, waa'ee iddoo buufata konkolaataa kana. Iddoon buufata konkolaataa kun kan Magaalaa Baatuu madaalu miti. Kan sochii geejibaa magaalattii gitus miti. Dhimma kanarratti bara darbe Abbaa Taayitaa Geejibaa Oromiyaa wajjin buufanni konkolaataa sadarkaasaa eeggate nuu hojjetamuu qaba jennee mari'anneerra.

Isaanis saayit pilaanii hojjeedhaatii nuu ergaa jedhanii ergineerraaf. Bajata irratti nuu qabani buufaticha nuu hojjechuutu hafa. Kanaaf humna magaalatiin buufata konkolaataa sadarkaasaa eeggate ijaaruun nu rakkisa. Dhimma kanarratti Hoggantuu Biiroo Daandiifi Loojistikii Oromiyaa Injinar Helan Baqqalaa wajjinis mari'anneerra. Dhimmi kun xiyyeeffannaan kennamee nuuf otoo hojjetamee jenna.

Inni biraa Baatuun magaalaa turizimiifi jiraattota hedduu qabduudha. Garuu daandii asfaaltii keessa qaxxaamuree darbu tokko qofa qabdi. Kanarrattis deeggarsa nu barbaachisa.

**Bariisaa: Daandii keessoo magaalattiirratti fooyyessuuf maaltu yaadame? Waa'ee seensa daandii saffisaarratti hoo maal jettu?**

**Obbo Ahmaddiin:** Daandiiwwan keessoo gara asfaaltiitti jijjiiruuf ammaaf waan humni magaalaa hindandeenyeef otoo deeggarsi nuuf godhamee gaariidha. Seensa daandii saffisaatiin walqabatee diyaameetiriin magaalaa keenyaa kiiloo meetira 30; Abboosaa kaasee hanga daangaa Tulluutti jechuudha.

Daandiin saffisaa kun kiiloo meetira 30 nu cinaa deema. Balballi seensaa ykn daandiin ittiin seentuufi baatu tokkichumatu jira. Magaalaa Adaamii Tulluu, magaalaa guddootu nu jala jira. Asiin seenta, namni Adaamii Tulluu deemuu barbaadu asiin dhufee garas deema. Fakkeenyaaf namni Shaashamannee ykn Hawaasaa deemuu barbaadu Baatuutti goruu ykn Tulluu dhaqee waa fudhachuu barbaada. Asiin seenee Adaamii Tulluu dhaqee Adaamii Tulluurraa of duuba deebi'ee daandii saffisaa seena.

Adaamii Tulluufi Abboosaatiinis daandiin seensaa jiraachuu qaba jechuudha. Namni Abboosaadhaa dhimma qabus kiiloo meetira 10 deemee deebi'ee baha. Ulaawwan lamaaniinuu namni asiin seenee achumaan akka bahu taasifamuu qaba.

**Bariisaa: Dhimma kanarratti qaamolee bulchiinsi keessan dubbise yoo jiraate?**

**Obbo Ahmaddiin:** Kanarratti Ministira Magaalaa Bu'uura Misoomaa Kabajamtuu Aade Caaltuu Saanii wajjin mari'anneerra. Yeroo isaan as dhufanii hawaasa waliin mari'attanittis gaaffiin kun jiraattotaan bal'inaan ka'eera. Kanaaf daandiin seensa Magaalaa Baatuu tokko qofti ga'aa waan hintaaneef yoo xiqqaate tokko dabalamee lama ta'uu qaba. Dhimmichi dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaaduudha.

Magaalaan keenya gandoota baadiyyaa 13 ofitti fudhattee barana daran bal'atteetti. Gandoonni kunniin daandii, bishaan, ibsaa hinqaban. Waan bajata keenyaan, abbootii qabeenyaafi hawaasa hirmaachisnee hojjechuu dandeenyu otoo humna keenya hinqusanne ni hojjenna.

Gandi tokko yoo xiqqaate daandii hanga shanii jahaa barbaada. Humna ibsaa dabalatee seektaroonni dhimmi ilaallatus xiyyeeffannaa kennuu qabu. Kanaa achi humna qabnu hunda duguugnee ummata keenya gara badhaadhina hundaleessaatti ni ceessisna yaada jedhuun qaba.

**Bariisaa: Ibsa bal'aa nuuf kennitaniif galatoomaa!**

**Obbo Ahmaddiin: Isinis galatoomaa!**



# AADAIFI AARTII

## Ijaarsawwan aadaa, duudhaafi eenyummaa Oromoo dagaagsuuf Finfinneetti xiyyeeffannoon adeemsifamaa jiran

Sirnoota darban keessatti Oromoofi Finfinnee adda dhiibuudhaan aadaa, duudhaafi Afaan Oromoo Finfinnee keessatti akka hindagaagne taasifamaa tureera.

Magaalaa Finfinnee bakka sabaaf sablammoota biyya keenyaa bira darbee lammiileen biyyoota alaa kabajaan keessa jiraatanitti Oromoon osoo magaalicha marsee jiruu sabichi dhiibbaa irra ga'aa tureen eenyummaan isaa akka dagatamuufi lagatamu, gama kaaniin Oromummaan akka sodaatamuufi jibbamu taasifameera.

Ummanni Oromoos qe'ee isaarratti kabaja dhabee jiraachuu mormuun qabsoo yeroo dheeraaf taasisaa tureen jijjiirama fiduun Finfinneen magaalaa Oromoon keessatti dhiibamu osoo hintaane magaalaa mirgi, eenyummaa, aadaafi afaan isaa keessatti kabajamu akka taatu taasisuu bira darbee magaalaa saboonni sablammoonniif ummattoonni jaalalaafi obbolummaan keessa jiraatan akka taatuuf hojjetamaa jira.

Gama kanaan hojiin waggoota jijjiiramaa kana keessatti Oromoofi Finfinnee walitti araarsuufi walitti dhufeenya jidduu jiru cimsuuf tarkaanfiiwwan fudhatamaa turan qabsoo dhaloonni aarsaa itti kaffaleef gatii kennuu bira darbee dhaloota dhufuuf abdi



kan ta'udha.

Keessumattuu, erga jijjiiramni dhufee asitti Mootummaan Naannoo Oromiyaa aadaa, duudhaafi seenaa Oromoo ganamaa dhiibbaafi hacuuccaa sirnoota darbaanii dandamatee har'a ga'e gama dinagdee, hawaasummaafi siyaasaan utubee deebisee akka dagaagu taasisuu bira darbee kanaan booda karaa duubatti deebi'uu hin dandeenyeeffu ummaticha ibsuun hojjiilee guguddoo magaalaa Finfinnee

keessatti hojjechaa jira.

Bu'uuruma kanaan bulchiinsa magaalaa Finfinnee keessatti pirojektiileen aadaa, seenaa, duudhaafi eenyummaa Oromoo mul'isan kaan xumuramuun hojii keessa kan jiran yoo ta'u, kanneen biroo ammoo ijaarsa irratti argamu.

Pirojektoonni hojjetamaa jiran Giddugala leenjii nyaataa aadaa Oromoo, giddugala qophii, agarsiisaafi gurgurtaa meeshaalee

aadaa Oromoo, giddugala leenjii aartiifi kan biroof ijaaramaa kan jiran yoo ta'u pirojektoota ijaaramaa jiran keessaas ijaarsi isaanii xumuramuun tajaajilaaf kan qophaa'anii jiru; kanneen hafan ammoo ijaarsisaanii xumuramaa jiru.

Giddugalaonni kunneen bajata mootummaa miiliyoona hedduutti lakkaa'amuun ijaaramaa kan jiran yoo ta'an aadaa, seenaa, duudhaafi eenyummaan Oromoo daran babal'atee akka dagaagu gochuu keessatti qooda olaanaa kan qabanidha.

Walumaagalatti Finfinneen kanaan booda bakka ummanni Oromoo irraa dhiibamu, aadaa, duudhaa, afaaniifi eenyummaan isaa itti laafu osoo hintaane bakka deebi'ee itti dagaagu taasisuudhaaf hojjiwwan Mootummaan Naannoo Oromiyaa magaalaa Finfinneetti hojjetaa jiru abdiin kan namatti horaniidha.

Ummanni Oromoos gama tokkoon magaalicha keessatti aadaa, duudhaafi seenaa isaa dagaagsaafi dinagdeen of cimsaa gama biraan sabaaf sablammoota biyyattii hunda waliin obbolummaa isaa cimsachaa Finfinneen magaalaa mallattoo obbolummaa, jaalalaafi nageenyaa akka taatu hojjechuun gaheesaa bahachuu qaba jedha odeeffannoon *Biuroo Kominikeeshinii Oromiyarraa* argame.

## 'Muqaddamaafi Manaazila'

Godina Harargee Lixaa, ummanni Aanaa Horsiisee Bulaa Gumbii Bordoddee dursa sanyii facaasan ('Muqaddama')fi waqxii sanyii ('Manaazila') akkaataa ittiin yeroo ilaalan qaba.

Ummanni Oromoo beekumsawwan garagaraa keessaa raaga haala qilleensa cimaa kan waggaa guutuu ittiin raagu waaqni lafa gammoojjii loon horsiisuufi lafa qotee waggoota baay'ee qarooma uumaan kenneef walitti daddabarsuufi walirraa dhaalaa har'a ga'eera.

Gadaan Oromoo deebi'ee Oromoon aangoo qabatee ministira muumee ta'uun aangoo qabachuusaatiin Gadaan toluufi barri kan badhaadhinaa ta'uu manguddoonni himaa turaniiru. Gadaa kun keenya ta'uu ummanni Oromoo hubatee waliin galee, waliin ta'ee diinasaa ofirraa ittisee misoomasaa guddifachaa mootummaa biyya bulchaa jiru waliin hiriiruu akka barbaachisu manguddootarraa dhaga'uusaanii dhaloota xixiqqaa guddachaa jiraniif dhaamaniiru.

**Dursi sanyii akaakuuwwan garagaraa sadii qaba. Isaanis:**

1. Dursa sanyii midhaanii ykn 'Muqaddama' midhaanii
2. Jalqaba ('Muqaddama') beeyladooata ykn Muqaddama beeyladooata
3. Dursa sanyii namaa ykn 'Muqaddama' namaati.

'Muqaddama' jechuun jecha Afaan Arabaa yoo ta'u, afaan Oromooti yoo hiikamu eegala (dursa) sanyiin yeroo tokko keessatti itti eegalamu jechuudha. 'Muqaddamni' Gadaafi waggaa hunda keessatti hinjijjiiramu; waqtuma akka bara darbee sanaa naannawee ykn deebi'ee dhufuudhaan beekama.

'Manaazilli' jechuunis jecha Afaan arabaa yemmuu ta'u, Afaan Oromootiin yoo hiikamu waqtii sanyiin keessatti tolu kan iddoo duraan ture irraa jijjiiramu jechuudha.



Maanguddoonni haala ilaalanii milkii gaarii ta'uufi kaan raagu

**Dursa sanyii namaa ykn Muqaddama namaa**

Dursa (jalqaba) sanyiin facaasan ga'uu wantoota qonnaan bulaa Harargee biratti akka itti hojjetamaa tureefi ammaas itti fayyadamaa jiraachuun namni naannawa kana keessa ture ni beeku. Dursa sanyiin facaasan ga'uufi ittifufiinsaan roobni jiraachuu akkasuma yabuu (gobbuu) biqilli miidhaan facaafamee waqtii gaarii ta'een akka walqunnamu wantoonni akka milkiitti ilaalan nijiru.

**Isaanis:** Ulfaatina biyyoo oyruu keessaa ykn lafa qonnaa keessaa daraaraa mukaa, dheeka, dhaddacha, boonbii sanyii kan jedhamtu kan yeroo sanyiin ga'u ganamaafi galgala baay'inaan lafa qonnaa keessatti mul'achuun beekamtu, hidda midhaaniifi mukaas ni ilaalama. Hidda aramaa hoola gabbis jedhama. Yoo hiddasaa jalatti firii godhate muqaddamni tole jedhanii milkaa'ina bara as deemuu raagu.

Yeroo kanatti milkiin midhaanii wantoota ilaalamu qaba. Waqtii ji'a Gurraandhalaarraa eegalee dursa miidhaan akka facaafamu manguddoonni dubbifne ni dubbatan. Dursa

(Muqaddama) sanyiin facaasan ga'uu ji'a sadiin qoodamee qonnaan bulaa Harargee facaasan ji'a Gurraandhala, Eblaafi Waxabajjii keessaa jalqabii sanyiin facaafamu akka jiru manguddoonni ni dubbatu.

Ji'oota eeraman kanneen keessaatti torban ykn guyyoota halkaniifi guyyaa hatattamaan facaasan haala qilleensa ilaaluun beeku.

**Jalqaba (muqaddama) beeyladooata**

Jalqaba (muqaddama) beeyladooata barana fuula dura dursa (Muqaddama) roobni gaariin ta'e kan marga (kaloo) haalaan magarsee beeylada horsiisee bultoota biratti manguddoonni umriinsaanii gadamoojjii ta'an muuxannoo ykn beekumsa umrii jirenyaasaanii keessatti horataniifi abbootiisaaniirraa dhaalaniin walittifiduun akka qorannoo ammayyaa (raaga haala qilleensaatti) ittifayyadamuun ittiin milkaa'aa jiru.

Beeylatoonni haala gaariifi furdatanii miidhaguun bara darbe gaanaa kaasanii rimaa fuudhanii walhoruun lakkuu lamaa hanga sadiifi akka ittifufiinsaan waggaa guutuu

hanga barri itti naanna'uufi Gadaa sanas raaganii milkii ilaallachuun sa'a huqqates hingurgurinaa, korma gaarii ykn sanyii filatamaa ta'e loon keessa bobbaasaa jechuun waliif dhaamu.

Bara akka olitti tuqame kana keessatti, saanni, re'een, harreen, fardeen, gaala, hoolaafi lukkuun dhibeen kan hinmiidhamne ta'uufi roobni kan addaan hincinne ta'uu waliif himuun loonsaa qusatee bu'uu loonirraa argamu kanneen akka aannaniifi dhadhaa fayyadamuun inni qabu isa hinqabneef qoodee gammachuun waliin jiraachuun horsiisee bultoonni keenya tola waliif ooluun beekamu.

Yeroo kanatti saawwansaaniin elmatanii aannan raafachuufi kaanis kanneen akka re'eefi hoola, gaalaafi loon qalataniin nyaachun ollaasaanii waliin qooddattanii jirenya gaggeeffatu.

Aannan dhugeefi dhadhaa fayyadamee badhaadhina qaama maatiisaa eegatee, qancarummaafi nyaata madaalawaa waan qabaniif dhibeeffannoo garagaraarraa qaamnisaanii dandamachuu akka danda'u

*Gara fuula 15tti*



# Qarreefi Qeerroo

## “Mindeeffamee hojjechuu keessaa baheen warshaa guyyaatti kaalsii darzana 400-500tti omishu banadhe”

- Shamarree Qaalkidaan Silashii

### Waasihun Takileetiin

Akkuma, biiftuu jirtu suksuku jedhamu umriin dargaggummaa yeroo itti olii gadi fiigani humnaafi beekumsa qabanitti fayyadamanii egeree ofiifis ta'e dhaloota dhufuuf waa itti olkeewwataniidha.

Shamarree Qaalkidaan Silashii dhalatee kan guddatte Magaalaa Adaamaatti. Akkuma barnootashii sadarkaa lammaffaa xumurteen Yunivarsitii Baahirdaaritti barnoota Injiinariingii tekistaayiliitiin digrii jalqabaatiin eebbifamtee mul'atashii gara hojii barbaaduutti naannessite.

Deemsa keessa akaakuu barnootaa itti leenjite injiinariingii tekistaayiliin Paarkii Indastirii Boolee Lammiitti mindeeffamtee hojjechuu eegaluu kaasti.

Imala jireenya injifachuuf taasisaa jirtuun Shamarree Qaalkidaan dinagdeen of danda'uu, eeggattummaa jalaa bahuufi oolmaa maatiishii barootaaf isheetti dadhabanii asiin ishee gahani deebisuuf mul'ata keessashee bule milkeessuuf humnaafi beekumsashii osoo hinwaakkatiin hojjechaa turteetti.

Turtii Boolee Lammiitti dabarsite keessatti kutanaan hojjechuun carraa leenjii gabaabaa biyya Chaayinaatti kennamu dorgomtee naannawa waggaa tokkoof leenjii gahaafi dabalataa fudhatteetti. Turtii Chaayinaatti hanga waggaa tokkoo dabarsite keessatti ogummaa tekistaayilii (omisha huccuu)n barnoota dabalataafi muuxannoowwan adda addaa gonfachuun dandeesseetti.

Keessumaa akkuma gara Chaayinaa deemteen Yunivarsitii Joonguwaa keessatti dargaggoota biyyoota garagaraa 15 irraa dhufan waliin leenjiin dabalataa kennameef miira mindeeffamuu keessaa bahuun hojii uummachuun hojjechuu akka qabdu kutannaa ishee keessa bulcheera.

Biyya nagaa qabduufi qabeenya uumamaan badhaate qabna, muuxannoo ani horadhe kun na hojjiisuu danda'a isa kanaaf immoo kallattii maallaqani itti argamu barbaadeen hojii dhuunfaakoo hojjechuun qaba kanaan alatti mindeeffamee bara lakkaa'uun jireenyakoos ta'e kan maatiikoo jijjiiruu hindanda'u jedhee pirooppoozaala (wixinee hojii) baafadhee turtii waggaa tokkoo booda gara Adaamatti deebi'e jechuun dubbatti.

Erga gara biyyaatti deebi'ee booda hojii dur hojjechaa ture ittifufurra hojii dhuunfaa koo qabaachuu murteesse kallattii itti maallaqni argamuufi warshaa ofii koo itti dhuunfachu qaburratti ogeessota mariisee eeggattummaa seenaa gochuuf hojiitti seene jetti.

Ogummaa gahaa nan qaba. Muuxannoos horadheera; sanuu muuxannoon koo barnootaan kan deeggaramedha. Ammas imalakoo ittuma fufe kan jettu Shamarree Qaalkidaan, maallaqa dhibbantaa 20 deeggarsa maatiifi dhibbantaa 80 ammoo liqaa Liizfaayinaansii karaa Baankii Misooma Itoophiyaa naa mijateen mul'anni koo warshaa dhuunfaa koo qabaachuuf qabadhee ka'e bu'uura naa buuseera jechuun ceerti.

Haaluma kanaan deeggarsa mootummaan taasiseefiin maashinoonni barbaachisoon karaa taaksiirraa bilisa ta'een akka galu waan ta'eef warshaa kaalsii mul'anni isaa keessashee bule alaa galfachuu akka dandeesse shamarreen kun ni himti.

Erga maashiniin barbaachisu bitamee bakki



hojiis waan barbaachisuuf bulchiinsa magaalaa bira dhaqxee pirooppoozaalashii itti agarsiisuun hojii mataashii uummachuuf kana malees dargaggoota birooffillee carraa hojii banuuf qophaa'uushii yoon beeksisu karoorichi faayidaa qabeessa waan ta'eef fudhatummaa argateera jetti.

Akka ibsasheetti erga eeyyama barbaachisu baafatee booda bakka hojii mootummaa gaafachuun duubdeebii kennamuuf eegaa turte.

Haaluma kanaan Kantiibaana Magaalaa Adaamaa bakka hojii naa kennuun hojikoo akkan hojjechu haala mijataa naa uumaniiru kan jettu Qaalkidaan, qabsoon jireenya hadhaa'e kan jijjiiru akka ta'e ofiratti arguu kaasti.

Akkuma isheen kaastes eeggattummaan jireenya namaa rakkinaaf saaxila. Kanaaf biiftuu jirtu suksukuun ykn humna dargaggummaa ofiitiin hojjetanii of jijjiiruun murteessaa waan ta'eef qabsoo walirraa hincinne jireenyarratti taasisuun ofirra darbee nama biraafillee carraa hojii uumuu nan danda'a yaada jedhuun hojiin eegalte gara ija godhachuutti ce'eera.

Warshaan qarshiin hedduu itti baasii ta'e maqaa "Galiingan Gaarmenti" jedhamuufi abbummaansaa kan shamarree Qaalkidaan ta'e kun Magaalaa Adaamaa keessatti bakka hojii mijataa ta'e kennameef keessa dhaabachuun har'a omisha jalqabeera.

Warshaan kun ammaaf kaalsii omishaa kan jiru yoo ta'u, abdiin kan namatti horu kutannaan

jiraannaan waanti hindanda'amne kan hinjirre ta'uusaatiif agarsistuu guddadha.

Akka ibsa Shamarree Qaalkidaanitti yeroo ammaatti warshaanshee guyyaatti kaalsii darzana 400 hanga 500 sadarkaasaa eeggate omisha.

Galteewwan omisha kaalsiif oolan hedduunsanii alaa kan galan yoo ta'u, yeroo ammaatti dhiyeessiin hundi yoo guutamaniif sa'atii 24:00 kaalsiin kan omishamu ta'uu kaasteetti.

Shamarree Qaalkidaan ofii hojii dhuunfaashee uummachuurrayyuu dargaggoota akkashiitii hedduuf carraa hojii uumuu kan ishee gammachiisu yoo ta'u, marsaa jalqabaatti hojjetoota 50f carraa hojii dhaabbii banteetti.

Hojichi carraa hojii mindaan itti argamu qofa osoo hintaane muuxannoofi ogummaan itti qooddatamu waan ta'eef waan addaati kan jettu shamarree kun, ilaalcha gadiqabaa namoonni hojii ogummaaf qabanis kan fooyyessu ta'uu himti.

Durii kaasee teeknikaafi ogummaan gaarii ta'uu barsiisonni keenya nutti himaa turan. Ta'us namoonni ilaalchi damee teeknikaaf qaban gadaanaa waan ta'eef barattoonni hedduu hinbaratan ture.

Amma garuu itti dammaqamee teeknikaafi ogummaan namoota hedduuf karaa itti hiyyuma seenaa taasisaniifi dirree badhaadhinaatti bahaniin waan ta'eef filannooshee godhachuus ni kaasti.

Teeknikaafi ogummaan dhaba hinwayyuu ykn namoonni barnoota kufan kan itti seenan osoo hintaane kan namoonni dinagdeen of jijjiiruu barbaadan filatan; dhaloota duuba jiruufillee bu'aa buusu ta'uusaatiif muuxannoon Qaalkidaan agarsiistuu guddaadha.

Yeroo gabaabaa ji'a lama hinguunne keessatti warshaan kun banamee namoota 50f carraa hojii uumameera. Guyyaatti kaalsii darzana dhibbaa afurii hanga dhibba shanii omishaa jira. Yoo dhiyeessiifi galteen hundi guutameef ammoo hojii sa'atii 24:00 keessatti jijjiiramni guddaa akka argamu eenyumaafuu ifa.

Warshaan kun dhiyoo kan banameefi omisha kennuu jalqabe ta'uu hordofuun haalli walitti hidhamiinsa gabaa laafaadha. Ta'us daldaloota keenya akka biyyaatti jiran deemsa keessa barsiisuun kan alaa galu hambisuun asumatti galii guddaa argachuuf qophiitti jirra jetti, Qaalkidaan.

Omisha kaalsii amma ammaatti jiruunis galii gaariin argamaa kan jiru yoo ta'u, fuuldurattis qullullinaafi omishtummaa keenya dachaan dabaluuun sharafa alaa argamsiisuuf hojiitan jira jetti.

Dargaggoonni hojii barbaaduu keessaa bahani osoo xiqqaa guddaa hinjedhiin hojii mataasaanii uummatanii akka hojjetaniif tarsiimoo mootummaan baasee hojiitti jiru kan nama jajjabeessudha kan jette shamarreen kun, keessumaa jijjiiramaa as fayyadamummaan dargaggootaa mirkanaa'aa jiru kan nama onnachiisu ta'uu dubbatti.

Dargaggoonni keenya mindeeffamanii hojjechuurra hojii uummatanii hojjechuun bu'aa akka qabu qabatamaan agarsiisuutti jiru. Kunimmoo jajjabaatee dhaalamuu qaba jetti Qaalkidaan.

Keessumaa dargaggoonni dhaabbilee barnootaa mootummaafi mitmootummaa keessaa leenji'anii bahan aadaa hojii uummachuu gabbifachuun dirqama ta'uu yoo kaastu, miirri hojii tuffachuufi gadiqabaan ogummaawwan tokko tokkoof jiru fayyadamummaa dhalootaa kan miidhu waan ta'eef xiyyeffannaan irratti hojjetamuu qaba.

Namoonni bu'aalee yoo huccuu omishan, bu'aalee gogaa, bu'aalee sibiilaa ogummaa qabanitti fayyadamuun yoo miidhagsanii gabaaf dhiyeessan kan bitatee ittifayyadamu daran hedduudha. Kan maqaa himmalle itti moggaasee gadi cabsuuf yaalus namuma. Kanaaf ilaalchi keenya qaramuufi qaroomuu qaba.

“Walumaagalatti har'a qabsoo ani jireenyakoo mo'achuuf taasisaa jiru deeggarsa mootummaan naa taasise waliin walitti ida'amee na jijjiiruunna darbee namoota shantamaa oliif carraa hojii uumuu danda'eera. Kun waan jajjabeeffamuu qabu yoo ta'u, dargaggoonni biroos humnaafi beekumsa qabdanitti fayyadamuun eeggattummaa jalaa bahuufis ta'e hiyyuma seenaa gochuuf biiftuu jiru tattaafachuun dirqama” jetti.

Erga biiftuun lixee galgala keessa yeroo humnaafi beekumsa dhumutti hiyyummaan nyaatamuurra amma kutannaan hojjechuun ofis ta'e biyya ofii jijjiiruun waan danda'amuuf aadaa hojii tuffachuun keessaa baanee dinagdeenis ilaalchaanis of jijjiiruuf haa carraaqqun ergaa keenya.



# Abbaa Sa'aa

## “Barana hanga buna alatti ergameefi galii sharafa alaa argameen riikardii haaraan galmaa'eera”

- Doktor Addunyaa Dabalaa

### Natsaannat Taaddasaatiin

Hangiifi galiin sharafa alaa Itoophiyaan alergii bunaarraa argachaa jirtu waggaa waggaan dabalaa jira. Seenaa alergii buna biyyattii keessatti hangaanis ta'e galii sharafa alaa bunaarraa argamuun barana riikardii haaraan galmaa'eera. Buna biyyattiin barana gabaa addunyaaf dhiyeessite keessaa %90 sirna bittaafi gurgurtaa kallattii keessa kan darbe ta'uu Abbaan Taayitaa Bunaafi Shaayii Itoophiyaa ibseera.

Daarikarri Olaanaa Abbaa Taayitichaa Doktor Addunyaa Dabalaa ibsa Kibxata darbe gaazexeessitootaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan biyya argama bunaa taatus rakkoolee gara garaa irraa ka'uun hanga ammaatti hanga alergii bunaas ta'e galiin alergii bunaarraa argamaa ture hagas mara hinturre.

Tu'us sirna hojmaataa sirreessuudhaan keessumaa riifoormii bittaafi gurgurtaa taasisuudhaan cancala sirna bittaafi gurgurtaa hir'isuudhaan dhiyeessitootaafi alergitoota gidduutti walitti hidhamiinsa kallattii uumuudhaan hanga alergiiifi galiin alergii bunaarraa argamu waggaa waggaan akka dabalaa ta'eera.

Barana hanga buna alatti ergameefi galiin sharafa alaa omisha bunaarraa argame hangaanis ta'e galiidhaan kan baroota darbaniiira daran ni caala. Kana qofa utuu hintaane hanga omisha bunaa ji'a ji'aan biyyattiin alatti ergitus waggaa waggaan dabalaa jira.

Buna Itoophiyaan barana alatti ergite keessaa %90 kan ta'u sirna bittaafi gurgurtaa kallattii keessa kan darbeedha. Kana jechuun dhiyeessitoonniifi alergitoonni bunaa harka 90 ta'an buna kallattiidhaan walharkaa fuudhanii gabaa gabaa giddugaleessaa kan scene ta'uu dubbatu.

Hojii barana sirna bittaa bunaa walxaxaa ture sirreessuufi hangiifi qulqullinni bunaa fooyya'aan gara gabaa giddugaleessaa galee alatti akka ergamu taasisuuf raawwatamaa tureen bu'aa guddaan argameera.

Itoophiyaan ji'a Waxabajjii bara 2016 keessa qofa yeroo jalqabaatiif buna toonii kuma 46 gabaa addunyaaf dhiyeessuun galii doolaara miliyoona 218 argatteetti. Hangi bunaafi galiin sharafa alaa bunaarraa ji'a tokko keessatti argame kun seenaa alergii buna Itoophiyaa hanga ammaatti jiru keessatti riikardii jalqabaa ta'uus eeraniiru.

Itoophiyaan waliigalaan bara bajataa 2016 buna toonii kuma 298fi 500 gabaa addunyaaf dhiyeessuun galii sharafa alaa doolaara biliyoona 1.43 kan argatte ta'uu himanii, kun kan bara darbee waliin walbira qabamee yoo ilaalamu toonii kuma 50n caala. Bara darbe yeroo akkasii biyyattiin buna toonii kuma 248 gabaa addunyaaf dhiyeessuun galii sharafa

alaa doolaara biliyoona 1.42 kan argatte ta'uus dubbataniiru.

Bara ulaan Galaana Diimaa cufametti, daandiiwann baaburaa hedduun rukutamaniifi hanqinni konteenerii mudateefi rakkoon loojistikisii cimaan mudatee jirutti kanatti alergii bunaarraa bu'aa olaanaa argameera.

Rakkoo ulaa Galaanaa furuudhaaf barana yeroo jalqabaaf buna kaargoo Xiyyaaraatiin alatti akka ergamu ta'eera. Barana bunni qulqullina olaanaa qabu baay'inaan gara gabaa giddugaleessaa akka seenu ta'eera. Kun ammoo biyyoota addunyaa buna bitaniif yeroodhaan akka dhiyeessiniif nu gargaareera jedhu.

Omishni bunaa galii sharafa alaa argamsiisuun ala qonnaan bultoonnis galii fooyya'aa akka argatan taasisaa jiraachuu eeranii, qonnaan bultoonni kanaan dura buna diimataa kiiloo tokko hanga qarshii 10-12tti gurguraa turan walitti hidhamiinsa gabaa kallattii uumameefiin yeroo ammaa buna diimaa kiiloo tokko qarshii 60-80tti gurgurachaa jiru.

Qorannoo kanaan dura taasisaniin galiin sharafa alaa bunaarraa argamu keessaa qonnaan bulaa bira kan ga'u inni olaanaa %40 turuufi yeroo ammaa garuu %80 kan ta'u qonnaan bulaa bira ga'aa jira. Walitti hidhamiinsa gabaa kallattii uumamuun qonnaan buloota fayyadamaa taasisaa jirachuus dubbataniiru.

Itoophiyaan barana buna baay'inaan gara biyyoota Ameerikaa, Awurooppaa, Baha Giddugaleessaafi Eeshiyaatti baay'inaan ergiteetti. Chaayinaan waggoota sadan darbanitti waggaaatti buna toonii 10 ol bittee kan hinbeekne barana buna toonii kuma 25 Itoophiyaarraa bitteetti.

Saa'ud Arabiyaan barana buna toonii kuma 55 ol kallattiin Itoophiyaarraa bitteetti. Biyyoonni addunyaa guguddoon shan (Ameerikaa, Jarman, Beeljiyeem, Jaappaaniifi Saa'ud Arabiyaan) buna Itoophiyaa baay'inaan fudhachuun beekamu. Barana buna Itoophiyaa baay'inaan bituudhaan sadarkaa tokkoffaa kan qabatte ammoo Sa'ud Arabiyaa ta'uu himu.

Omishni buna Itoophiyaan gabaa addunyaaf dhiyeessitu hangaanis ta'e qulqullinaan dabalaa jiraachuufi akaakuudhaan adda waan ta'eef fedhii biyyoonni addunyaa buna biyya keenyaa bitachuuf qaban dabalaa dhufeera.

Kanumarraa ka'uun barana galiin sharafa alaaarraa argame rikardii haaraan akka galmaa'u taasisseera. Bu'aan kun akka argamu taasisuu keessatti omishtonni, dhiyeessitoonniifi alergitoonni gumaacha olaanaa kan qaban ta'uus eeraniiru.

Alergii buna Itoophiyaa keessaa %30-35 gara Awurooppaatti kan ergamu ta'uu himanii, alegii kanarraa doolaara miliyoona 500



jiran keessaa tokko ta'uu himanii, rakkoon kun daldala bunaa qofa utuu hintaane kanneen biroorrattis ni mul'ata. Daldala seeraan alaa bunarratti mul'atu to'achuuf sirna bunni ittiin geejjibamu guutummaatti teknolojiin akka deggeramu ta'eera.

Bunni aanaarraa kaasee hanga giddugala gabaa ga'utti akkasumas giddugala gabaatii kaasee hanga Jibuutii ga'utti siistamaan 'GPS'n akka hordofamu ta'eera. Kun daldala seeraan alaa bunarratti raawwatamu furuu keessatti gumaacha guddaa kan qabu ta'uus dubbataniiru.

Buna buufata keenyaan alaa geejjibsiifamaniifi sistama keenya keessa hingalle ammoo Poolisii Federaalaafi naannolee waliin ta'uun to'achaa jirra kan jedhan Doktor Addunyaan, to'annoofi hordoffii daldala bunaa seeraan alaarratti taasisamaa jiruun bunni baay'een qabameera jedhu.

Abbaan Taayitaa Bunaafi Shaayii buna qofarratti utuu hintaane mi'eessituuwaniifi shaayirrattis ni hojjeta. Barana alergii shaayii mi'eessituuwwan irraa galii doolaara miliyoona 20 argameera.

Galii omishaalee lamaan irraa argame kana caalaatti guddisuudhaaf sirni bittaafi gurgurtaafi to'annoo qulqullinaa diriiree hojiiira oolaa jira. Omishaalee kunneen baay'inaafi qulqullinaan gabaa addunyaaf dhiyeessuufis hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Itoophiyaatti lafti omisha shaayiiin uwwifamee jiru hektaara kuma shan kan hincaalle ta'uu himanii, barana Oromiyaa qofatti lafti hektaara 30 ol shaayiidhaan uwwifameera. Kun hanga omisha shaayii alatti erginuufi galii sharafa alaa damicharraa argamu guddisuu keessatti gumaacha olaanaa kan taasisu ta'uu himaniiru.

Bunatti sona dabaltee gabaa biyya alaaaf dhiyeessuuf sirna hojmaataa qopheessinee hojiiira oolchineera. Sirni hojmaatichaa abbootii qabeenyaa damee hojii kanarratti hirmaachuu barbaadan jajjabeessuufi haala mijataa uumuuf gargaara. Biyyoonni addunyaa Itoophiyaarraa buna bitan baay'een buna isaanii buna akaa'ameefi sonni itti dabalame utuu hintaane buna dheedhii bituu barbaadu waan ta'eef buna sonni itti dabalameen carraan gabaa addunyaarratti dorgomuu dhiphaa ta'uu dubbatu.

**Bunni aanaarraa  
kaasee hanga  
giddugala gabaa  
ga'utti akkasumas  
giddugala gabaatii  
kaasee hanga Jibuutii  
ga'utti siistamaan  
'GPS'n akka  
hordofamu ta'eera**

argamaa jira. Biyyoonni lamaan hariiroo gabaa kallattii baroota dheeraa lakkoofsise waliin qaban ta'uus eeraniiru.

Akka Doktor Addunyaan jedhanitti, Itoophiyaan yeroo ammaa lafa hektaara miliyoona 1.2 bunaa uwwifame qabdi. Kana keessaa bunni bosona cirame keessatti omishamaa jiru lafa hektaara lamaa gadi. Bunni lafa bosonni irraa ciramerratti misoomme kun gabaa Awurooppaa keessaa akka ba'u ta'eera.

Itoophiyaan yeroo ammaa biyyoota addunyaa 60 olitti buna ergaa jirti. Biyyattiin waggaa waggaan gabaa biyyoota addunyaa buna itti ergituu babal'isuurratti xiyyeeffatte hojjechaa jirti. Guraandhala darbe Konfiransii Biyyoolessaa Itoophiyaatti qopheessuudhaan biyyoonni addunyaa buna bitan gara garaa dhufanii kallattiidhaan buna Itoophiyaa akka bitaniif haalli mijataan uumameera jedhu.

Daldalli seeraan alaa rakkoolee biyyattii qoraa



# Ilaamee...



## “Inshuraansiin fayyaa babal’achuusaatiin yaaddoon mana yaalaa dhaqanii wal’aansa gahaa argachuu hir’ateera”

- *Doktar Mangistuu Baqqalaa*

### Waasihun Takileetiin

Kenniinsi tajaajila yaalaa qulqullinaafi si’ataa ta’e waliin gahuu dhabamuusaatiin miidhaan omishaafi omishtumaarratti ga’u olaanaadha.

Hawaasni omishawaa ta’e dhibeewwan sasalphaa yaalamee fayyuu danda’u mana yaalaa deemee wal’aansa gahaa argachuuf maallaqni waan isa barbaachisuuf wayita maallaqa of harkaa dhabutti filannoo inni qabu du’a qofa ture.

Amma garuu mootummaan jijjiiramaa gara aangooti dhufuu hordofee tarsimoo tajaajila inshuraansii fayyaa hojiirra oolaa jiruun hawaasni yeroorra yerootti mana yaalaa deemuun sakatta’insa barbaachisuufi yaala gahaa akkasumas si’ataa argataa jira jedhu Hogganaan Biiroo Fayyaa Oromiyaa Doktor Mangistuu Baqqalaa.

Hundeefama gumii kenniinsa tajaajila yaalaa si’ataafi qulqullina qabu waggaa sadaffaa akka biirichaatti tibana Adaamaatti kabajamerratti haasaa kan taasisan Doktor Mangistuun, akka Oromiyaatti fedhiin miseensa inshuraansii fayyaa ta’uu dachaan dabalaa jira.

Kunis kan ta’eef dhukkubsattooni wayita gara mana yaalaa deemanitti soressa, hiyyeessa jedhamanii osoo adda hinbahiin gatii madaalawaan tajaajila yaala fayyaa qulqullina qabuufi si’ataa argachaa jiru.

Hojii hubannoo uumuu gama kanaan ogeessoni fayyaafi miidiyaaleen hojjetan jijjiirama guddaa argamsiisaa kan jiru yoo ta’u, ammaan tana akka Oromiyaatti namoonni miliyoona 28 ol miseensa inshuraansii fayyaa ta’uun tajaajila wal’aansa fayyaa gahaa qulqullina qabuufi si’ataa ta’e argataa jiru.

Biiron Fayyaa Oromiyaa sochicha abbummaan hordofaa hudhaalee jiran hir’isaa hawaasa fayya buleessaafi oomishawaa ta’e horachuuf humna guutuun hojjetaa jirachuu kan kaasan Doktor Mangistuun, bu’aaleen gama kanaan galmaa’an nama jajabeessu jedhu.

Misooma manneen yaalaa bittaa meeshaalee yaalaa fayyaa, dhiyeessiiwwan qorichootaa, mindessa ogeessota fayyaa bakkeewwan hanqinni humna namaa ittimudate bakka buusuu haalaan raawwataa jira.

Oromiyaan bal’oo ta’uun walqabatee fedhiin hospitaalota babal’isuu, ammayyeessuu teknolojiin deeggaruu, keellaa fayyaa, buufataalee fayyaa misoomsuu yeroorra yerootti cimaa jabaachaa jiru.

Sochiin misooma manneen yaalaa akka Oromiyaatti jiru dachaan akka dabaloo mootummaan jijjiiramaa humna guutuun hojjetaa kan jiru yoo ta’u, hawaasni hedduu fayyadamaa ta’aa jira.



Sochiin tajaajila yaala fayyaa qulqullina qabuufi si’ataa ta’e waliin gahuuf Ministeera Fayyaa waliin ta’uun hojjetamaa kan jiru yoo ta’u, jijjiiramoonni akka naannootti argaman ministeerichaan kan deeggaramaniidha.

Ministeerichatti Daariktarii Qulqullina Tajaajila Fayyaafi Innooveeshinii Doktor Abbaas Hasan gamasaaniin haasaa taasisaniin kenniinsa tajaajila fayyaa qulqulluufi si’ataa ta’e waliin gahuuf tarkaanfin akka Oromiyaatti fudhatamaa ture kan nama jajabeessuufi naannolee biroof galtee kan ta’uudha.

Bu’uuruma kanaan tatamsa’ina dhibeefi infekshinii dhaloota qoraa jiru maqsuuf duulli gaaraa kaasee eegalame xiyyeeffannoofi walta’iinsa Ministeera Fayyaafi Biiroo Fayyaa Oromiyaan deeggaramee hojiirra oolaa jira.

Hojiin dhaabbilee fayyaa babal’isuu dhibeen osoo hinqaqqabiin dursanii akka of eeganiif hordoffiifi deeggarsi karaa eksiteenshiinii fayyaa kennamaa tureera, ammas ittuma jiru.

Hawaasni fayyaasaaf dursa akka kennu barumsa karaa eksiteenshiinii fayyaa darbaa jiru sirriitti fudhachuun battala dhibeen tokko isaaan qabetti mana yaalaa isaanitti dhiyoo jiru dhaqanii tajaajila yaalaa argataa jiru.

Rincieni kanaan dura ture amma furaa kan jiru yoo ta’u, hojii hubannoo uumuufi riifoormii fayyaan faaya ta’uusaan hordoffiifi deeggarsii taasifamaa ture bakka argateera.

Hawaasni fayyaasaaf dursa kennuun omishaafi omishtummaan dachaan akka dabaloo kan taasisu waan ta’eef ammallee irra deddeebiin hojiin hubannoo uumuu cimaa jira.

Hubannoon fayyaarratti kennamu dhibeen osoo nama hinqabiin dursanii akka ofirraa ittisan kan gargaaru gochuurra darbee kenniinsi tajaajila

fayyaa akka cimuu kan godhu ta’uu bu’aa gumii kenniinsa tajaajila yaala fayyaa qulqullina qabuufi si’ataa marsaa 3ffaarraa hubachuun danda’ameera.

Gumiin kenniinsa tajaajila yaala fayyaa qulqullina qabuufi si’ataa ta’e dhugoomsuu erga jalqabee waggaa sadi ta’eera kun bu’aa guddaa galmeessisaa jiraachuu qabataman kan agarsiisudha.

Mootummaan damee fayyaaf xiyyeeffannoo laatee hojjetaa jiraachuu kan kaasan Doktor Abbaas hojiin kalaqa meeshaalee yaala fayyaas akka cimuu kallattiin taa’e bu’aa buusaa jira. Jijjiiramoonni gama fayyaan jiran jajabeessaa ta’anis jijjiirama haala qilleensaafi dhibeewwan qorichaan walbaruun hawaasa qoraa jiran jiru.

Dhibeewwan akka Busaa yeroo ammaa hudhaa dhalootaa ta’aa jiran hojiin qorannoo fi qo’annoo gadi fagoo ta’e yoo irratti hojjetameen alatti rakkoo ta’uunsaani ifadha.

Isa kanaafimmoo hayyonniifi ogeessoni fayyaa dandeettiifi beekumsa qaban itti fayyadamuun saayinsiin deeggaramanii qorannaa gaggeessuun dirqamasaaniidha jedhu Doktor Abbaas.

Ittisa tatamsa’ina dhibee busaaf sosochiin akka mootummaatti taasifamu kan jajabeeffamuu malu ta’uu kan kaasan Doktor Abbaas gorsaafi hubannoo ogeessota fayyaan darbaa jiru hojiirra oolchuunis barbaachisaadha.

Dhibeen busaa amma dhaloota qoraa jiru salphaatti kan to’atamu waan hintaanef gorsa ogeessa fayyaan darbu sirriitti hordofuun barbaachisaadha. Yoo kun hintaane egeree dhalootaaf yaaddoo waan ta’eef ammas ciminaan irratti hojjechuun nurraa eegama. Tajaajila inshuraansii fayyaa argachuufis miseensa ta’uun murteessaa akka ta’e warreen

tajaajila argachaa jiranirraa hubachuun gahaadha.

Kanaan dura harka qallummaarraa kan ka’e namoonni yaalamani fayyuu osoo danda’anii dhibee sasalphaan lubbuusaanii kan dhaban tokko lama miti. Hudhaa kana furuuf tajaajilli inshuraansii fayyaa mootummaa jijjiiramaan hojiirra oole lammilee keenyaaf furmaata waaaraa ta’ee tajaajilaa jira.

Sadarkaa Oromiyaatti qofa namoonni miliyoona 28 ol miseensa inshuraansii fayyaa ta’uun tajaajila yaala fayyaa si’ataafi qulqullina qabu seeraqabeessaan argachuu danda’uunsaani kan nama gammachiisu yoo ta’u warreen hafanis carraa kanatti fayyadamuun isaanirraa eegama.

Carraan kun gatii madaalawaan tajaajila yaala fayyaa argachuu kan nama dandeessisu yoo ta’u du’a dhibee xixiqqaafi ulfaataan mudachuu danda’u kan gadi buusudha.

Kenniinsa tajaajila yaala fayyaa miseensota inshuraansii fayyaaf taasifamaa jiru duubdeebiisaa gaafa madaallu kan nama gammachiisu, ittifufiinsa irratti hojjetamuu kan qabu ta’uu bu’aan gaalmaa’aa jiru agarsiistuu guddaadha.

Du’aatii haadholiifi daa’immanii mudataa ture maqsuufs dursanii sakatta’amuufi ilaalamuun akka gabbatu hojii hojjetameen hawaasni daran jijjiiramaafi dammaqaa akka jiru ragaaleen ni ibsu.

Dhibamanii erga dhibeen keessoo namaa fixee mana yaalaa deemuun maallaqa qisaasessuu, dhamaatee dabalachuufi du’aaf of kennuu yoo ta’u kun akka hafuuf hojiin ogeessota fayyaan kennamaa jiru bu’a guddaa buuseera.

Fayyaan hawaasaa eegame jechuun omishaafi omishtummaan dabale jechuudha, biyyi guddatte jechuudha, kun waan ta’eef fayyaaf dursa kennuun dirqamadha.

Fayyaa keenyaaf dursa yoo hin kennine qaamaan, qorqalbiin, dinagdeen, fi maatiin bittinna’uu kan qaqqabsiisu waan ta’eef gamanumaa hojiin hubannoo uumuu gama kanaan hojjetamaa jiru cimuu qaba.

Gumiin kenniinsa tajaajila yaala fayyaa qulqullina qabuufi si’ataa ta’e lafa qabsiisuuf waggaa sadi dura eegalame kun hudhaalee fayyaa adda baasuun irratti hojjechuun fayyaan faaya ta’uu qabatamaan agarsiisuufi mirkaneessuun irraa eegama.

Walumaagalatti sochii gumiin kenniinsa tajaajila yaala fayyaa qulqullina qabuufi si’ataa ta’e waliin gahuu qabatee ka’e hawaasni qaamaafi qorqalbiin nagaa qabatees hojjetee of jijjiiruun omishaafi omishtummaa dachaan dabalee fayyaan faaya ta’uu qabatamaan akka agarsiisu kan gargaaru waan ta’eef cimee itti fufuu qaba.



# ODUU

## Sudaan Kibbaa inisheetiivii hidha Abbayyaa...

kaasaniiru. Hojiin barana gama kanaan hojjetame injifannoowwan dippilomaasii garagaraa galmeessisuun danda'ameera.

Biyyoota minseensa hidha laga Abbayyaa keessaa Sudaan Kibbaa inisheetiivii hidha laga Abbayyaa mallatteessuun injifannoo olaanaadha. Mallattichi biyyoota miseensa yaa'a laga Abbayyaa ta'aniif ijaarsi hidhichaa miidhaa akka hinqabne ergaa guddaa kan dabarseedha.

Biyyoota ijaarsi hidhichaa miidhaa qaba jechuudhaan gufachiisuuf olola hintaane hafarsuun yaalaa turan akka hubatan kan taasisedha. Biyyootni kunneen ijaarsi hidhichaa xumuramaa waan jiruuf amananii

akka fudhatan taasisuuf mallattoon Sudaan Kibbaa mallatteessite shoora olaanaa qaba jedhaniiru. Bu'aa waloo Itoophiyaafi Sudaan Kibbaa kabachiisuuf tarkaanfii dippilomaasii isa guddaa ta'uus ibsaniiru.

Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad tibbana Sudaan walwaraansa keessa jirtu daaw'achuun rakkoon Sudaan rakkoo Itoophiyaa ta'uu kan agarsiisuudha. Kanaafis, rakkoo nageenya Sudaanotaa Itoophiyaan bira dhaabbachuun furuuf fedhii guutuu akka qabdu kanmul'iseedha jedhaniiru.

Gama ulaa galaanaatiinis walittidhufeenyi biyya Somaaliilaandi waliin taasifame

walittidhufeenya milkaa'aa uumuun danda'ameera. Olola afarfamaa ture keessa darbuun mallattoon bu'aa waloo biyyoota lamaanii kabachiisuu danda'au waliif mallatteessuunsaniin daandii Itoophiyaan qabatte bu'aa biyyoota ollaa kan hintuqne ta'uu kan agarsiiseedha jedhaniiru.

Kallattii Itoophiyaan qabatee deemaa jirtu kana ittifufsiisuuf keessoodhaan cimuum barbaachisaa ta'uu himanii; warraaqsa ashaaraa magariisaa ('green legacy') mirkaneessuu, wabii midhaan nyaataa mirkaneessuun barbaachisaadha. Injifannoo hanga ammaatti argame cimsaa isa hafeefis kutannoon hojjechuun xiyyeeffannoo gara fuulduraati jedhaniiru.

## "Gargaarsaan..."

omisha qonnaaf daran mijattu utuu qabnuu galaana ceenee gargaarsa gaafachuun daran kan nama yeellaasisuudha. Biyyattii gargaaramtummaa jalaa baasuuf hojii mootummaan omishaafi omishummaa qonnaa guddisuufi misooma babal'isuuf hojjechaa jiru furmaataafi tarkaanfii sirrii daran cimee ittifufuu qabuudha.

Gargaarsaan jiraachuun gama hundaanuu Itoophiyaa hinmadaalu. Biyyattii gargaaramtummaa jalaa baasuuf ilaalcha sanyummaafi naannummaa keessaa baanee nageenya, misoomaafi guddina biyyaaf waliin hojjechuu qabna. Lafa gabbataa biyyattiin qabdu daangaa malee misoomsuu qabna. Kana dhuguumsuuf lammiileen biyyattii hundi gahee irraa eegamu bahachuu qabu jedhan.

Waaqayyo Addaamiifi Heewan uumee wayita jannata keessa kaa'etti namni uumama akka eeguufi kunuunsuuf itti kenne. Uumama kana eeguufi kunuunsuun hojiidha. Hojiin jireenya dhala namaaf fayyummaadha. Namni hojii malee taa'u ammoo dhukkubsataadha. Ummanni keenya faayidaafi kabajaa hojiin qabu sirriitti hubatee beekuu yaadachiisu.

Yeroo ammaa Finfinneetti namoonni guyyaa qofa utuu hintaane halkanillee hojjechaa jiraachuun daran kan jajjabeffamu ta'uu himanii, kun aadaa ta'ee bakka hundatti babal'atee ittifufuu qaba jedhu.

Hiyyummaa, gargaaramtummaafi duubatti hafummaa keessaa ba'uuf jabaannee hojjechuun ofirra dabarree maatiifi biyya keenyaafillee ta'uu qabna kan jedhan Luba Tolasaan, keesumaa dargaggoonni barnootaafi carraa hojii dhuunfaasaanii uummachuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qaban gorsaniiru.

Ammaan booda namni hinbaranneefi dhibaa'aan iddoo kan hinqabne ta'uu himanii, dargaggoonni hojiidhaaf mootummaa eeggachuu dhiisanii carraa argame hundumaatti fayyadamuun hojii dhuunfaasaanii uummachuu akka qaban yaadachiisaniiiru. Hojii malee taa'anii bara gaarii eeggachuu gowwummaadha. Kanaafuu dargaggoonni barnootaafi carraa hojii dhuunfaasaanii uummachuurratti xiyyeeffachuu akka qabanis gorsaniiru.

## Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Ispoortii...

Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa akka jedhanitti, misooma ispoortii ammayyaa babaldhisuudhaan damichaaf xiyyeeffannaan addaa kennamee hojjetama.

Gootonni keenya akkuma kaleessaa dirreewwan olompikiirratti mo'annaasaanii irra deebiidhaan galalmeessisan har'as Olompikii Paariis kan adeemsifamuf guyyoonni muraasni isa hafurrti hirmaachuudhaan injifannoodhaan akka galan abdi guddaan qaba jedhan.

Pirezidaantiin Federeeshinii Aileetiksii Itoophiyaa Gargaartuu Komishinaraa

Daraartuu Tulluu, Mootummaan Naannoo Oromiyaa Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo kana maqaashiitiin moggaasuusaatiif galateeffachuun, ijaaramuun inistiitiyuutichaa rakkoo dirree ispoortii akka biyyaatti ture furuun waldorgommiin ispoortii yeroosaa eeggatee akka gaggeeffamuuf gumaacha guddaa kan qabu tahuu himteetti.

Inistiitiyuutichi ispoortii karaa ammayyaawaafi meeshaa guutuun deeggaramen akka kennamu taasisuun, atileetonni biyya bakka bu'an baay'inaan akka horataman taasisuufis shoora olaanaa

kan taphatu tahuus eertee, inistiitiyuutichi leenjiiwwan ogummaa kanneen akka leejisummaafi murteessummaa sadarkaa addunyaatti kennuuf haala mijaawaa ni uuma jetteetti.

Hogganaa Biiroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatewoos Sabboqaa, Inistiitiyuutiin Leenjiifi Qorannoo Daraartuu Tulluu, damee tuurizimii ispoortii tumsuun dhaloota qaamaafi xiinsammuun gahooma omishuufi cabiinsa ispoortii wal'aanuun imala badhaadhina biyya keenyaa milkeessuu keessatti gumaacha olaanaa qabaachuu himan.

## Naannoon Amaaraa...

Akka isaan jedhanitti, waraanni dhala namaa qofa osoo hintaane jireenya bineensota hundaaf murteessaadha. Kanaafuu, mootummaan naannichaa qaama hidhatee nageenya goolaa jiru kana waliin bakka kamittuu marii taasisuuf qophiidha. Naannichatti sababa rakkoo nageenyaaf ba'anii galuu, qotatanii galfachuun, daldalanii buufachuun rakkisaa ta'eera. Ummatni koonfiraansii nageenyaarratti kanuma hadheeffatee kaasaa ture. Firri firarraa cituufi dhukkubsatanii yaala dhabuunis rakkoolee ummatni irra deddeebiin kaasaa jiruudha.

Naannichatti sababa rakkoo nageenyaatiif omishanii akkasumas omisha bakka biroo gara naannichaatti galchuun danqaa ta'ee ammaan tana qaala'iinsi jireenyaa haalaan hammaachuu ibsani; mootummaan naannichaa sochii nageenyaa kamuu milkeessuuf qophii ta'uu hubachiisaniiiru. Qaamoleen hidhatanii rakkoo uumaa jiran kunneenis iyya ummataa dhaga'anii mariif akka of qopheessan dhaamaniiru.

Ummatni naannichaa rakkoolee buleeyyiin baroota lakkoofsisan afaan qawween osoo

hintaane mariin furuuf marii biyyaaleessaa abdi guutuun eegaa jiraachuu ibsani; Komishiniin Marii Biyyaaleessaa gara naannichaa wayita deemee ture ummatni naannichaa haala ho'aan simachuun cinatti deeggarsa barbaachisu akka taasisuuf ibsuufi eeraniiru.

Qaamolee didanii nageenya booressuutti cichanirratti tarkaanfiin olaantummaa seeraa fudhatamuusaan yeroo ammaa sochiin konkolaataa godinaalee naannichaa keessatti taasifamaa jiraachuu eeranii; Gorgora dabalatee pirojekttonni hawwata turizimii garagaraa xumuramanii tajaajila kennuurratti akka argaman dubbataniiru. Haalli nageenyaa yeroodhaa gara yerootti fooyya'aa waan dhufuuf turizitoota biyya alaa simachuuf sochiin taasifamaa jiraachuu ibsaniiru.

Sochiin turizimii naannichaa ammaan tana haala gaariirraa jiraatus, potenshaala naannichi qabu duguuganii fayyadamuuf gufuu kan ta'e rakkoo nageenyaa maqsuuf finxaaleyyii Faannoo waliin waldhabbi jiru karaa nagaafi mariin furuuf kutannoon kan hojjetamu ta'uu hubachiisaniiiru.

## Beeksisa Caalbaasii

Naannoo Oromiyaatti Waajjirri Maallaqaa Godina Harargee Lixaa Waajjiroota Godina jala jiraniif meeshaalee dhumoo, meeshaalee dhaabbataa, meeshaalee qulqullinaa, gommata konkolaataa fi uffata seeraa caalbaasii ifaatiin dorgomsiisee bituu barbada.

**Kanaafuu dhaabbileen ulaagaa armaan gadii guuttan akka dorgomtan affeeramtanii jirtu.**

1. Meeshaa qulqullinaa dhiyeessuuf hayyama daldalaa kan haaromee fi gibira waggaa kan kaffale ta'uu isaa ragaa dhiyeessuu kan danda'u.
2. Dorgomtoonni facaatii dhiyeessitootaa keessatti galmaa'uu isaanii ragaa dhiyeessuu kan danda'an. Dorgomtoonni dabalata taaksii (VAT) galmaa'aa ta'uu isaanii ragaa dhiyeessuu qabu. Kabachiisa caalbaasii qar. 20,000.00 CPO'n caalbaasiin osoo hin banamin qabsiisuu qabu.
3. Dorgomtoonni sanada caalbaasii maallaqa hindeebine qarshii 200.00 Abbaa Taayitaa Galiiwwaniif galchuudhaan sanada caalbaasii Waajjira Maallaqaa Godina Harargee Lixaa irraa bituun ni danda'ama.
4. Caalbaasiin guyyaa beeksifnii kun bahe irraa eegalee hanga guyyaa 16ffaa sa'aatii 4:00tti dorgomtootaaf banaa ta'a. Caalbaasiin guyyaa qilleensarraa oole irraa kaasee guyyoota walitti aanan 16f banaa ta'a.
5. Dorgomtoonni sanada caalbaasii irratti gatii tokko guutanii gaafa beeksifni kun qilleensa irra oole irraa eegalee saanduqa dhimma kanaaf qophaa'e darbi 2 kutaa lakk.8 keessa galchuu qabu, saanduqni hanga guyyaa 16ffaa sa'aatii 4:00tti banaa ta'a. Caalbaasiin guyyuma kana sa'aatii 4:00tti cufamee sa'aatii 4:30tti dorgomtootni ykn bakka bu'aan isaanii bakka argamanitti ni banama. Dorgomtootni ykn bakka bu'aan isaanii jiraachuu baannaanis caalbaasiin ni banama. Guyyaan baniinsa caalbaasii guyyaa hojii mootummaa ala yoo ta'e guyyaa hojii itti aanu banama.
6. Mo'ataan (Dorgomaan) meeshaalee ittiin dorgoman gejjiba/tiraanispoortii isaaniitin hanga Magaalaa Ciiraa Waajjira Maallaqaa Godina Harargee Lixaa kutaa Qabeenyaatti galii gochu qaba. Dorgomtoonni meeshaalee barbaadamu qulqullinaa fi baay'ina barbaadameen guutumaan guututti galchuu qabu.
7. Meeshaaleen dhiyaatan qulqullina kan hin qabne yoo ta'e, daldalaan (Dorgomaan) baasii isaatiin meeshaa jijjiiruu ykn maallaqa deebisuu qaba.
8. Gatii fe'iinsaa fi buussisaa dorgomaatu danda'a.
9. Dorgomtoonni lstoookii keessaa meeshaalee gahaa kan qabaniifi koree bittaa agarsiisuu kan danda'an ta'uu qabu.
10. Waajjirichi yaada fooyya'aafi filatamaa yoo argate caalbaasicha gartokkeenis ta'e guutummaatti haquuf mirga qaba.

**Iddoon isaa Waajjira Maallaqaa Godina Harargee Lixaa Ciiraa**

**Lakk. Bilbilaa 025 55 105 17**

**Waajjira Maallaqaa Godina Harargee Lixaa**

## Beeksisa

**Maqaa Obboo Mulugeetaa Haamzaa tiin** galmaa'ee kan beekamu Magaalaa Bishooftuu **ganda Dabbasoo** Keessatti kan argamu Lakk. Kaartaa 6/1 bal'inni isaa **418 m<sup>2</sup>** kan ta'e kaartaan nujalaa badeera jedhanii waan iyyataniif, namni mormu yoo jiraate guyyaa beeksisni kun bahe irraa eegalee **guyyaa 21** keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuutti qaamaan dhiyaatee akka ibsu beeksisaa kun ta'uu baannan garuu Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Magaalaa Bishooftuu kaartaa maqaa isaanitiin hojjetee kennuuf kan dirqamu ta'uu ni beeksisna.

**Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu**





# BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

## Inistitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Daraartuu Tulluu Sulultaatti

**Finfinnee:** Gootummaan kan argamu dirree waraanaa qofarratti miti. Eenyuyyuu taanaan bakka itti hirierratti biyyaaf, ummataafi lammiisaaf hojii bu'aaqabeessa yoo hojjete goota.

Itoophiyaan dirree waraana nagaa jedhamu ispoortiidhaan gootota biyya bira taranii addunyaarratti beekaman horachuudhaan kan beekamtuudha.

Akkuma Koloneel Abdiisaa Aagaa dirree waraanarratti sadarkaa addunyaatti gootummaan beekamu atileetonnis Irreessaa Abbabaa Biqilaarraa eegalee Itoophiyaa daran beeksaniiru.

Mootummaan biyyattiis kanuma bu'ureeffachuudhaan gootota biyyasaanii bakka bu'uudhaan dirreewwan ispoortii olompikii, shaampiyoonawwan atileetiksii adda addaarratti hirmaachuudhaan injifannoo dachaa gonfachuun beekaman badhaasaa tureera.

Akkasumas badhaasa cinaatti muudamawwan adda addaa kenneera. Yaadannooaaniiifis maqaasaaniitiin addababa'ii soodduwwan fakkiisaanii muldhisan ijaaramaniiru. Manneen barnootaafi hospitaalli ijaaramuudhaan dhaloota dhufu biratti akka hindagatamne seenaasaanii kaa'eera.

Gootonni kunneen naannoowwan itti dhalatanitti iddoowwan oolmaa ispoortii, keessumaa atileetiksiiif kubbaa miilaa maqaasaaniitiin moggaafaman ijaaramuudhaan tajaajila kennaa jiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas kanuma bu'ureeffachuudhaan Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Sulultaatti Inistitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Ispoortii maqaa gootittii ispoortii Daraartuu Tulluutiin moggaafame



kun dheengadda sirna ho'aadhaan eebbifameera.

Ijaarsisaa bara 2008 kan eegalame yoo ta'u, dheengadda bakka pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaafi hoggantoonni olaanaan biroo argamanitti eebbifameera.

Hogganaan Biiroo Dargagoofti Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiyoos Sobbooqaa mootummaan naannoo Oromiyaa xiyyeeffannoo guddaa kennuun inistitiyuutiin akka biyyaatti guddaa ta'e kun akka xumuruuf bajata ramadee hojicha fiixaan baasuu sirnicharratti himaniiru.

Inistitiyuutiin leenjiifi qorannoo ispoortii kun akka biyyaatti kan jalqabaa ta'uus eeranii, dirreewwan ispoortii gara garaa dabalatee iddoowwan leenjii ispoortiiwwan adda addaa akka qabus ibsaniiru.

Maqaa gootiitti Olompikiifi shaampiyoonaa

atileetiksii addunyaa Komishinara Gargaartuu Atileet Daraartuu Tulluutiin kan moggaafame inistitiyuutichi, dirreewwan ispoortii 40 oli, mana yaalaa, mana barumsaa, bakka omisha meeshaalee ispoortii, mana jireenyaa leenjistootaafi leenjitoota jimnaaziyemii, bishaan daakkii sadarkaasaa eegate, akkasumas bakkeewwaan bashannanaaf oolan kan of keessatti qabate ta'ee akka biyyaatti giddugala ispoortii isa jalqabaati jedhan.

Kanaafis hojii leenjiifi qorannoo cinaatti galii maddisiisuudhaan ofirra darbee hojiilee misooma ispoortii akka naannootti qabamanii jiran tumsuu keessatti shoora olaanaa qabaachuus mul'isaniiru.

Inistitiyuutichi hojii idilee isaa jalqabbiif haaldureewwan jiru hunda xumuruus obbo Maatiyoos himanii, inistitiyuutichi dhaloota qaamaafi sammuu ifaa omishu horachuu cinaatti rakkina ispoortii akka biyyaatti numudate furuuf gahee olaanaa kan qabuufi

imala badhaadhinaa biyyi keenya qabatte dhugoomsuu keessattis bakka bu'oota horachuurratti hojjachuun akka milkaa'uuf hojjetamaa jira jedhaniiru.

Dabalataanis utubaawwan dinagdee shanan keessaa tokko kan ta'e damee turizimii ispoortii babal'isuun dinagdee biyya keenyaa keessatti shoora olaanaa akka taphatuuf xiyyeeffannaa kan kennu ta'uus himan.

Akkasumas hojii dippilomaasii ispoortii jabeessuun hariiroo biyyi keenya biyyoota biroo waliin qabdu guddisuu keessattis xiyyeeffannoo kennee kan hojjetu ta'uu Obbo Maatiyoos himaniiru.

Inistitiyuutiin guddina ispoortii biyya keenyaaf bu'uura ta'e kun tajaajila leenjiifi qorannoo sadarkaa addunyaatti qulqullina qabu akka kennuuf hojiilee hafan fiixaan baasuuf ciminaan kan hojjatamu ta'uu ibsan.

### “Qaamoleen lola hidhannoo adeemsisan...

walittiqabuu hojjetameen calallii hirmaattota sadarkaa aanaafi naannootti, naannolee 10fi bulchiinsa magaalaa lamatti xumurameera.

Calallii hirmaattotaatti aansuudhaan hojii ajandaa walittiqabuu magaalaa Finfinneetti xumuramuun ajandaaleen gara komishinichaa dhufaniiru. Ittaansuudhaan naannolee sadii jechuunis Beenishaangul Gumuzi, Harariifi Gaambeellaa akkasumas Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dhawaatti ajandaa walitti qabuun torbee dhufurraa eegala. Kanaafis, ogeeyyiifi komishinaroonni komishinichaa Adolessa 10 irraa eegaluun bobba'aniiru.

Komishinichi qormaata kutaa 6<sup>ffaa</sup>, 8<sup>ffaa</sup>fi 12<sup>ffaa</sup> akkasumas hojiiwwan garagaraa naannoleetti gaggeeffamaa jiran yaada keessa galchuu himanii; naannolee sadiifi bulchiisa magaalaa tokkotti ajandaa walittiqabuu hanga Hagayya 30tti xumuruuf hojiin eegale ittifufa jedhaniiru.

Naannoo Affaaritti ho'i qilleensaa ji'a Hagayyaafi Fulbaana gara jalqabaatti waan hammaatuuf ji'a Onkoloolessaa ajandaa walittiqabuun kan ittifufu ta'uu himanii;

ta'us naannolee akka Amaaraafi Tigraayitti hojii akka hafu ibsaniiru.

Naannoo Amaaraatti leenjiin qaamolee deeggartootaa muraasaaf kennamuu himanii; naannoo Tigraayitti sochiisaa eegaluuf bulchiinsa yeroo naannichaarraa mijaa'uu haalotaa eegaa jiraachuu ibsaniiru.

Barbaachisummaa marii biyyaalessaa afaanota garagaraan ummata biraan ga'uuf miidiyaaleerraa waan guddaatu eegama. Ta'us dhabbiilee siyaasaa muraasaafi qaamolee hidhatanii bosana keessa socho'an hanga ammaatti waamicha koomishinichi dhiyeesseef deebii hin argatin jira. Yeroo ammaa dhaabbilee siyaasaa 50 ta'an marii biyyaalessaarratti hirmaachaa jiraachuu himanii; dhaabbileen siyaasaa muraasni waan hirmaataa hinjirreef akka hirmaataniif waamicha dhiyeessuu eeraniiru.

Qaamoleen hidhatanii lolaa jiran waamicha komishinichi dhiyeesseef deebii waan hinkennin jiraniif haala nageenyasaaniiratti mootummaa waliin haasa'uurratti danqaa uumeera. Kanaafis koomishinichi irra deebiin waamicha dhiyeesseera.

### ‘Muqaddamaafi...

manguddoonni ni dubbatu.

Horsiisee bultoonni aanichaa iddoo loon baay'inaan itti horuufi aannan baay'inaan ittimirgisu (aannan baay'inan argaamsiisuu danda'u) lafa ciisicha saawwaniif tolu jedhee waama. Iddoo sana halkan dhaqee akka ho'u, irraa dhaabbatee ta'ee yeroo garaagaraatti milkiin ykn raaga ilaala.

**Dursa ykn muqaddama sanyii namaa**

Dursi (jalqabbiin) sanyii namaa ykn muqaddama sanyii namaa ji'a Fulbaanarraa eegala. Muqaddamni sanyiin midhaaniifi beeyladdootaa dursa tollaan waqtiin (manaazilli) Gadaafi barri quufaa dhufee waan nyaatamuufi dhugan quufa (bashbash).

Kanaaf, abbaafi haati ilmaafi durbasaaniif walitti heerumsisuufi fuusisuuf lafa (iddoo) mana itti ijaaraniiif galgalaafi guyyaas waaree bahanii iddoo ho'ituutti kan ciisa namaafi beeyladdoonni itti horuu danda'amu lafa mijooftuu ilaaluun mana bultii keessatti ijaaran tolchuuf.

Cidha gaggeessuun bultii ilmaansaani walitti ijaaruun soddomuun kan duraanii caalaa

walitti firoomanii ykn hiddoomanii walbira deemanii walilaaluun gaddaafi gammachuun waliin qooddachuun walkabaju.

Hawaasa horsiisee bulaa gammoojjii Gumbii Bordoddee biratti ilmi gaafa dhalatuufi fuudhu argaa maatii, firaafi ollaan yoo dhiira ta'e looniin akkuma dandeettiisaatti arganiin; yoo dubara taate immoo gaafa heerumtu kennaa argachuun yeroo walfuudhanii bultii ijaaranii aruuzaa bahanii gooftaafi giiftiin warra qabeenya qabu ta'ani beekkamu malee hiyyeessa hinta'an.

Kanaaf Gadaafi barri dursi (muqaddamni) tole jedhamee beekama. Bara akka jedhamee kana bara quufaa cidhaatu baay'ata. Warri walfuudhee abbaafi haadha qabeenyaa waliin ta'an. Kanneen immoo walirraa dhalchani gammachuun waliin jireenya badhaadhaa ta'e keessatti ilmaansaani guddifachuun jireenyasaani waliin geggeessu.

*Abdumaalik Ahmad Daawwee Waajjira  
Kominikeeshinii Aanaa Gumbii  
Bordoddeerraa*